# BARNOOTA HAWAASAA


## QAJEELCHA BARSIISAA
## KUTAA 5

Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-129-9
Gatii: Qr. 14.10

BARNOOTA HAWAASAA

QAJEELCHA BARSIISAA



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

KUTAA 5

# BARNOOTA HAWAASAA

## Qajeelcha Barsiisaa

### KUTAA 5

**Qopheessitoota:** Warqinaa Toluu (MA)
Wandimmuu Tarrafaa (MA)

**Gulaalaa:** Abrahaam Tasammaa (BA)

**Madaaltota:** Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaa (BA)

**Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa**
**Ministeera Barnootaa**

UBSPD®
**UBS Publishers' Distributors**

**Maxxansaan**

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-129-9

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

# BAAFATA


| QABIYYEE | | FUULA |
| --- | --- | --- |
| **Boqonnaa 1:** | **Argama, Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa** | **1** |
| | 1.1. Biyyoota Gaafa Afrikaa fi Argama Isaanii | 1 |
| | 1.2. Seenaa fi Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa | 3 |
| | 1.3. Mootummoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa Durii Keessa Turan | 7 |
| **Boqonnaa 2:** | **Lafaa fi Naannawa Ishee** | **10** |
| | 2.1. Argama Naannoo Keenyaa | 10 |
| | 2.2. Danaa, Sochiilee Lafaa fi Ta’eewwan Isaanii | 12 |
| | 2.3. Dhiibbaa Waqtileen Hojii Qotisaa fi Horsisa Horii Irratti Qaban | 13 |
| **Boqonnaa 3:** | **Naannoo Keenya** | **16** |
| | 3.1. Gosoota Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosonaa Beekamoo fi Barbaachisummaa Isaanii | 16 |
| **Boqonnaa 4:** | **Ajandaa Ummataa** | **20** |
| | 4.1. Dhimmoota Ummataa | 20 |
| | 4.2. Dhiibbaawwan Saffisaan Guddachuu Lakkoofsa Ummataatiin Dhufan | 22 |
| | 4.3. Bulchiinsa Gaarii, Mirgoota Daa’immanii fi Nageenyaa | 23 |
| **Bu’aawwan Barnoota Hawaasaa** | | **28** |
| **Siilabasii Barnoota Hawaasaa** | | **29** |

Boqonnaa 1

# Argama, Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa

## (Wayitii 23)

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:**

- Argama bir-qabaa fi maqaa biyyoota Gaafa Afrikaa ni himu.
- Maqaa fi argama mootummoota durii Itoophiyaa keessaa fi Gaafa Afrikaa himuun sadarkaa seenaa fi siyaasaa kutaaleen biyyoota Itoophiyaa irra gahan ni dinqisiifatu.
- Maqaa fi argannoowwan mootummoota Itoophiyaa durii ni tarreessu.
- Bu'aawwan ammayyummaa gurguddoo Itoophiyaa keessatti argaman ni dinqisiifatu.
- Sababoota garaagarummaa qubannaa, aadaa fi haala jireenya naannoowwan baddaa fi lafa dakee jid-duutti muldhatan addaan ni baafatu.

**Qabxiiwwan Ijoo**

Barnoota kutaalee dabranii keessatti barattoonni waa'ee saayinsii naannoo baratanii jiru. Keessattuu, kutaa 3$^{ffaa}$ fi 4$^{ffaa}$ keessatti waa'ee argamaa fi qubannaa ummataa naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa baldhinaan barachuun isaanii ni beekama. Barnoota boqonnaa kanaa keessatti ammoo waa'ee argama, qubannaa ummata Itoophiyaa fi ummatoota naannoo Gaafa Afrikaa ta'a.

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti qabxiileen gurguddoon argama bir-qabaa naannoo Gaafa Afrikaa, Biyyoota Gaafa Afrikaa seenaa fi qubannaa ummatoota Itoophiyaa, mootummoota bara durii Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaatti argamanii bu'aawwan seenaa fi siyaasaa, tokkummaa fi ammayyummaa akkasumas sababoota ijoo garaagarummaa qubannaa fi aadaa fidan fa'a.

## 1.1. BIYYOOTA GAAFA AFRIKAA FI ARGAMA ISAANII (WAYITII 4)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kana booda barattoonni:

- Argama naannoo Gaafa Afrikaa ni himu.
- Kallattii hangafootatti fayyadamuun argama iddoo tokkoo sirriitti ni agarsiisu.

- Maqaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa ni tarreessu.
- Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun argama Itoophiyaa biyyoota ollaa wajjiin wal bira qabuun ni agarsiisu.
- Kallattii angafootatti fayyadamuun argama magaalota mummee biyyootaa Gaafa Afrikaa sirriitti ni himu.

**Qophii Duraa**

- Kaartaa Fiizikaalaa Afrikaa kan naannoo Gaafa Afrikaa agarsiisu qopheeffachuu.
- Kaartaa Siyaasaa Afrikaa kan biyyoota Afrikaa fi magaalota mummee biyyootaa agarsiisu qopheeffachuu.
- Mata duree dhiyaatu kana irratti barreeffamoota adda addaa dubbisuun odeeffannoo funaannachuu.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barnoonni mata duree kanaa maloota adda addaatiin dhiyaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, mala ibsaatiin, gaaffii fi deebiin, mariin, wal mormii fa'a ta'uu ni danda'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu-barsiisuu kanniin barattoota sissieessanii fi barnootaaf isaan kakaasan filatamuu qabu. Barattoonni akka barnoota isaanii sirnaan hordofuu danda'an haala mijeessaaf.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuufii qaba. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu irratti hojjatan argama Itoophiyaa biyyoota ollaa ishiitiin wal bira qabuun ni himu. Biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa ni tarreessu. Kanas gaaffiilee akka Argama bir-qabaa Itoophiyaa himuu dandeessaa? Biyyoonni naannoo Gaafa Afrikaa meeqa? Maqaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa tarreessuu dandeessaa? Jedhanii fi kanniin biroo gaafachuun hubannoo isaanii madaaluun ni danda'ama. Malli baruu-barsisuu isa kana qafatu gaariidha jechuun hin danda'amu. Sababni isaas barattoonni daree keessatti argaman fedhii, jaalala, dandeettii fi sadarkaa hubannaa garaa garaa qabu. Barsiisonni dhugaa kana hubachuun adeemsa baruu-barsiisuu keessatti tooffaalee adda addaatti fayyadamuun irraa eegama.

Barnoonni gosa adda addaa maloota baruu-barsiisuu garaagaraa barbaadu. Waan kana ta'eef barsiisonni kaayyoo gooree gosa barnootaa, kaayyoo barannoo fi haala xin-sammuu barattootaa hubannoo keessa galchuun maloota adda addaa walitti qindeessuun ittiin fayyadamuu qabu. Barannoo dhiyaate kana barattoonni hammam akka hubatan mirkaneeffachuuf gaaffii Biyyoonni naannoo gaafa Afrikaatti argaman eenyu fa'a? Magaalota muummee biyyoota gaafa Afrikaa kaartaa irratti agarsiisuu dandeessaa? jechuun gaafachuun mirkaneeffachuun barbaachiisaadha.

Barattoonni daree tokko keessatti argaman sadarkaa dandeettii saditti qoodamu. Kunis barattoota cicimoo saffisaan barachuu danda'an, barattoota jiddu-galeeyyii fi barattoota suutaan hubachuu danda'aniidha.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnoota isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda'an gargaarsi addaa kennamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa hojjatan kennuu fi gargaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

## DEEBII GOCHA 1.1

1. Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun argama bir-qabaa naannoo Gaafa Afrikaa ibsuu isaanii mirkaneeffadhaa.
2. Argama bir-qabaa Itoophiyaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa keessatti argamaniin wal bira qabuun ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

## DEEBII GILGAALA 1.1

**I. Deebii Gabaabaa**

1. Sudan jedhamti
2. Kallattii Kibbaatti argamti.
3. Kaaba, Baha, Kibbaa fi Dhiha
4. Jibuutiidha
5. Itoophiyaadha.

**II. Deebii Gaaffiilee Hojjatamanii**

1. Sa'aatii 3:25'
2. Sa'aati 2:50' ta'a.

## 1.2. SEENAA FI QUBANNAA UMMATA ITOOPHIYAA FI GAAFA AFRIKAA (WAYITII 4)

### A. Madda Dhala Namaa, Bakkeewwan Arkiyooloojii Itoophiyaa fi Keeniyaa

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Mata duree xiqqaa kana erga baratanii xumuranii booda barattootni:

- Bakkeewwan Arkiyooloojii Gaafa Afrikaa tartiibaan addaan ni baafatu.
- Faayidaa-qabeessummaa hambaawwanii ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Osoo kutaa hin seenin dura mata-duree kana sirriitti dubbistanii hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. Sadarkaa Gaafa Afrikaattis ta'ee sadarkaa Itoophiyaatti bakkeewwan arkiyooloojii hedduun jiraachuu isaanii sirriitti hubadhaa. Gaanfii Afrikaa madda dhala namaa ta'uun ishee kan ummattoota naannoo kanaa boonsu ta'uu isaa dinqisiifachuuf qophaa'aa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni maqaa hambaawwaan kanaan dura dhagahanii akka himan gaafachuun eegaluun barbaachisaadha. Isaanis kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'u:

- Awustiraalooppitikas Affaareensis (Luusii)
- Hoomoo Sappiyaansi Ideltuu (Salaam)

Osoo itti hin himiin dura hanga beekan akka himan barattoota gaafadhaa. Maqaawwan barattoonni himan gabatee gurracha irratti katabaa. Maqaa himan fuulduratti odeeffannoo beekan haa barreessan. Sana booda waa'ee hambaawwan kanneenii barsiisaa. Itti aansuun akkaataa turtii isaanii irratti waliin

mar'achuun tartiibaan akkaataa umurii hambaawwaniitiin barattootni maqaa haa dhahan, isinis gabatee irratti barreessaa. Barattootni ammoo dabtara isaanii irratti haa barreeffatan.

Qorannoo arkiyooloojistiin tokko adeemsise/te fakkiitti fayyadamuun barattootaaf ibsaa. Fakkeenyaaf, argannoowwan arkiyooloojistoolaa akka Doonaaldi Johaansan fakkii lafee Luusiitti fayyadamuudhaan barattootaaf ibsaa.

**Madaallii**

Kutaa kana keessatti hirmaannaa barattootaa kanneen akka kaartaa irratti dubbisuu fi gaaffiilee adda addaa deebisuu qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii madaaluu dandeessu.

## B. Amantiiwwan Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Amantiiwwan gurguddoo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa ni tarreessuu.
- Biyyi Itoophiyaa biyya amantiiwwan adda addaa keessaatti kan argaman ta'uu ishee ni ibsu.
- Amantiiwwan waldanda'anii waliin jiraachuun isaanii Itoophiyaatti haaraa akka hintaane ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Osoo kutaa hin seenin dura mata-duree kanas sirriitti dubbisuun hubadhaa. Gaafa Afrikaa fi Itoophiyaatti amantiiwwan hedduun jiraachuu isaanii sirriitti hubadhaa. Garuu, Gaaffii Afrikaaa bakka amantiiwwan adda adda wal-danda'anii keessa jiraatan ta'uu ishee fakkeenyaan mirkaneeffadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni gareen ta'anii amantiiwwan kanneeni akkamii Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa, seenaanii fi dagaagan mar'atanii akka gabaasan gaafachuun barnooticha jalqabuu. Amantiiwwan kanneen gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni waa'ee amantiiwwan kanneenii waan beekan akka barreessan taasisuu. Itti aansuun odeeffannoowwanii fi kitaabolee durii irraa ragaa tuquun akkaataa itti Amantiin Duudhaa Afrikaa, Itoophiyaatti madde, Amantiiwwan Kiristaanaa fi Isaalamaa ammoo Itiyoophiya seenan barsiisuu. Kana booda haala yeroo sanaa fi yeroo ammaa gidduu walfakkaattii fi adda addummaa jiru kanneen hubatan akka himan gaafadhaa. Isa booda akka lammii Itoophiyaatti attamiin tokkummaan adda addummaa keessatti jiraachuun akka danda'amuu fi adda addummaa keessatti osoo garaagar hin bahin jiraachuun akka danda'amu akka himan jajjabeessaa. Qo'annoo ragaa sirriitti qabu irratti hundaa'aa/fayyadamaa.

**Madaallii**

Barattoonni keessan dammaqinaan akka hirmaatan kakaasaa. Falmii fi marii garee akka taasisan dadammaksaa. Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii madaalaa.

## C. Maatiiwwan afaanoota ummatoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura kutaa kaanaatti barattootni:

- Maatiiwwan Afaanota gurguddoo Itoophiyaa ni tarreessu.
- Maatiiwwan Afaanota adda addaa eessatti akka argaman ni addeessu.
- Walitti dhufeenya ummattoota adda addaa ni ibsu.
- Tokkummaan garaagarummaa qabu Itoophiyaa keessa jiraachuusaa ni dinqisiifatu.

**Qophii Duraa**

Osoo kutaa hin seenin dura mata-duree kana sirriitti dubbistuun hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. Sadarkaa Gaafa Afrikaattis ta'ee sadarkaa Itoophiyaatti afaanonni hedduun dubbatamaa jiraachuu isaanii sirriitti hubadhaa. Afaanonni Itoophiyaa keessatti dubbataman dameewwan maatii afaanota gurguddoo isa kami irraa akka dhufan sirriitti beekaa. Afaanonni hunduu wal qixa ta'uu isaanii fi ummanni kamiyyuu afaan isaatti fayyadamuu fi guddifachuudhaaf mirga qabaachuu isaa irratti xiyyeeffachuun barsiisuuf qophii gochuu keessan hin dagatinaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Keeyyattoota jalqabaa barattoota keessan wajjin dubbisaa. Lakkoofsa afaanota Gaafa Afrikaa keessatti dubbataman irratti barattootaaf hubannoo kennaa. Afaanota maqaan isaanii eeramaniin alatti yoo maqaa afaanota biroo dhahuu (waamuu) danda'u ta'e barattoota keessan gaafadhaa. Isaan kun tarii afaanota Itoophiyaa, Afrikaa yookiin addunyaa ta'uu danda'u. Jechoota afaan isaaniitiin ala ta'an (jechoota afaanota biroo) yoo beeku ta'e barattoota keessan gaafadhaa.

Mata duree Afaanota Afroo-Eeshiyaa barattoota keessan wajjin sirriitti dubbisaa. Mata-duree kanaaf xiyyeeffannaa guddaan kennameera. Sababiin isaas garee afaanota gurguguddoo kan baay'een afaanota Itoophiyaa irraa maddan waan ta'eefi. Maatiin afaanotaa Itoophiyaa maqaan isaanii Kuushtikii, Oomootikii fi Seemtikii jedhaman maatii afaanii guddaa kana irraa maddan. Kanaafuu, qabxiilee ijoo tarreeffaman irra deebi'anii dubbisanii akka hubataniif barattoota keessan gargaara. Haaluma wal fakkaatuun barattoonni keessan mata-duree afaanota Naayiloo Sahaaraa ilaalchisee dhiyaates haa dubbisan. Bakka itti dubbatamanis fakkii yookiin kaartaa irratti akka agarsiisan gargaaraa. Kun immoo dandeettiin barattootaa kaartaa ilaalchisee akka guddataa deemu ni gargaara. Akkasumas afaan kamtu eessatti dubbatama kan jedhu isaan hubachiisaa.

**Madaallii**

Kutaa kana keessatti dammaqinaan hirmaannaa barattootaa kanneen akka kaartaa irratti eeruu, tarreessuu, gaaffiilee adda addaa gaafachuu fi akka deebisan taasisuun qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii itti fufiinsaan madaaluu dandeessu.

## DEEBII GILGAALA 1.2

**Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa**

1. Ertiraa, Itoophiyaa, Ugaandaa, Burundii, Ruwaandaa, Taanzaaniyaa, Malawii fi Moozaambiq.
2. Godina Shawaa Dhihaa naannoo Magaalaa Giinciitii ka'ee gara bahaatti yaa'uun daangaa Itiyoo-Jibuutii irraatti Hara Abbeetti seena. Lagni Gibees Oromiyaa Dhihaatii ka'uudhaan gara Kibba Bahaatti yaa'uun Hara Turkaanaatti dabalama.
3. Bakkeewwan Arkiyooloojii Gaafa Afrikaa bebbeekamoon Araamis, Hadaar, Goonaa, Shunguraa, Malkaa Qunxurree, Koonsoo Gaardullaa, Gaadeebi, Booddoo, Poorki Eppik, Kibishi, Gademoottaa, Ki'one, Gorgoraa, Yaa'abaldhoo, Midhishi, Gud Gud, Aqordaati, Baareentuu, Gobduraa, Faqqadaa, Basaqaa, Laga Odaa fi k.k.f.
4. Sanyiin Hoomoo Habilis har'aan dura naannoo waggoota miliyoona 2.5 jiraate dandeettii meeshaa kalaquu dagaagfatus dhawataan lafarraa bade.

   Hoomoo Errektas har'aan dura waggoota miliyoona 1.5 dandeettii oljedhanii miilla lamaan deemuu fi ibiddaan fayyadamuu dagaagsee Afrikaa gara Eeshiyaa fi Awurooppaatti godaanee Addunyaa to'ata. Garuu, dhawataan sanyiin namaa kunis lafarraa bade. Hoomoo Sappiyaanis ammaan duraa waggoota kuma dhibbaa kaasee hanga ammaatti lafarra kan jiraatuu fi sanyii nama gamnaa (beekaa) kan ta'e ture.
5. Amantiiwwan sadanuu bu'uuraan yaada Waaqa tokkotti amanuu jedhu of keessaa qabu. Garuu, amantiin duudhaa beekumsa duudhaa fi safuu irratti yoo xiyyeeffatu amantiin Kiristaanaa barnoota Iyyasuus Kiristoos irratti hundaa'a, Amantiin Islaamaa ammoo barnoota Raajicha Mahaammad irratti hundaa'a.
6. Amaantiin Islaamaa gara Itoophiyaa kan gale karaa nagaatiin malee jihaadaan miti.
7. Amantiin Islaamaa Gaafa Afrikaatti kan babaldhate karaa daldalaatiin haala nagaan waan ta'eef walqunnamtiin Kiristaanotaa fi Musliimota Itoophiyaa kan nagaa malee kan waraanaa hin turre.
8. Waldanda'uun waliin jiraachuun amantiiwwan Gaafa Afrikatti bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, yeroo hordoftootni Raajicha Mahaammad Arabiyaa irraa Qureeshotaan ari'ataman Aksum biyya Kiristaanaatti bakka baqaa argataniiru. Baroota jiddugalaa fi bulchiinsa Yohaannis IV olitti xuqaman irraan kan hafe, walitti dhufeenya gaariitu amantoota adda adda jidduutti mul'ata.
9. Luga isin Afaan itti hiikkattan garee kamitti ramadama gaaffii jedhuuf deebiin barataa gara barataatti adda adda ta'uu danda'a. Garuu, barattoonni Afaan kitaabni kun ittiin barreeffameen baratan baay'een Afaan Oromootiin afaan hiikkatan jechuun ni danda'ama.
10. Afaan Gaafaat dhiibbaa dubbattootni Afaanota biroo irraan gahaniin dubbattoonni Afaanichaa liqimfamanii Afaanichis bade jedhama.
11. Afaanota Itoophiyaa keessaa kan badaa jiran baay'eedha. Isaan keessaa Baysoo, Gi'iiz, Seezee, Zayi fi k.k.f. maqaa dhahuun ni danda'ama.
12. Maatiwwan Afaanotaa arfan keessaa kan Itoophiyaa qofatti dubbatamu Maatii Oomooti.
13. Afaanotni naannoolee horsiisee bultootaatti argaman Affaar, Sumaalee fi afaan Oromoo faa dha.

## 1.3. MOOTUMMOOTA ITOOPHIYAA FI GAAFA AFRIKAA DURII KEESSA TURAN (WAYITII 3)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti, barattootni:

- Mootummootaa Itoophiyaa fi Gaafa Arikaa durii ni tarreessu.
- Qindoomina siyaasaa fi hawaasi-dinagdee mootummoota durii ni addeessu.

**Qophii Duraa**

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin kutaa barumsaa kana hundasaa sirriitti dubbisuun hubadhaa. Mootummoota Puunti, Daamaati, Aksum, Zaaguwee, Sulxaanetoota Musliimaa, Daamoot, Walaayittaa, Innaariyaa fi Kafaa wal bira qabdee madaaluudhaan yaadannoo qabadhu. Hariiroo isaan qabanis hubadhuutii barattoota keessan hubachiisuuf qophaa'aa. Bu'uura dinagdee fi siyaasaa akkasumas hambaawwan seenaa mootummoota kanaatiif bakka ol'aanaa kennuudhaan qophaa'aa. Xiyyeefannoo ummanni Gaafa Afrikaa hojii qonnaa, daldala, ijaarsa adda addaa fi shaakala barreessuutiif kennaa ture dhiyeessuuf kitaabota adda addaa dubbisuun isiniif barbaachisaadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Mootummoota durii ilaalchisee ibsa gabaabaa barattootaaf kenni. Barattootni Kaartaa Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa fayyadamuun mootummoota beekamoo durii akka addaan baasanii agarsiisan taasisaa. Barattootni gareen hiramanii mootummootni durii Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessaa kallattii adda addaatti kanneen argaman ta'uu isaanii irratti haa mar'atan. Caasaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa mootummoota kanneenii kitaaba barataa dubbisanii akka ibsan barattoota gargaaraa. Barattoota keessan dammaqinaan akka hirmaatan jajjabeessaa.

**Madaallii**

Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kennaa. Barattoonni mootummoota Gaafa Afrikaa durii kaartaa irratti Afrikaa akka agarsiisan taasisuun ittiin madaalaa. Kana malees, gaaffilee of madaalli dhuma mata duree kanaatti kitaaba barataa irratti kennaman keessaa isaan barbaachisoo ta'an gaafachuun barattoota keessan dabalataan madaaluu dandeessu. Dhumarrattis battallee kennuudhaan ittiin madaalaa.

**DEEBII GILGAALA 1.3**

1. Puunti
2. Ixaana, qumbii, warqee, meeti, ilkaan arbaa.
3. Haayiroogliifiksii
4. Bo'usteroofedoon
5. Mukarrib
6. Zoskaalas
7. Zaaguwee
8. Zayilaa

## A. Bu'awwan Seenaa fi Siyaasa Mootummoota Durii (Wayitii 3)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Bu'aawwan seenaa fi siyaasaa mootummoota durii addaan ni baafatu.
- Hambaalee qaroomman durii dinqisiifachuun ni kabaju.

### Qophii Duraa

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin dura kutaa barumsaa kana hundasaa sirriitti dubbisuun hubadhaa. Qarooma mootummoota ummattoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa durii wal bira qabdan madaaluudhaan yaadannoo qabadhaa. Hariiroo isaan qabanis hubachuun barattoota keessan hubachiisuuf yaalaa. Xiyyeefannoo ummattootni Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa durii ogummaa ijaarsa adda addaa fi kalaqaalee adda addaatii kennaa turan dhiyeessuuf kitaabota adda addaa dubbisuun isin gargaara.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barreeffama mata duree kana jala jiru barattoota keessan wajjin dubbisaa. Yaaddan ijootiif xiyyeeffannaa kennaa. Osoo gara ibsaatti hin ce'in dura barattoonni keessan bu'aawwan gurguddoo seenaa fi siyaasaa qaroomman mootummoota durii akka eeraniif ykn akka barreessaniif gaafadhaa. Deebii isaaniis tokko tokkoon irraa fuudhaatii gabatee boronqii irratti tarreessaa. Sana booda ibsa walii galaa bu'aawwan kanneen irratti kennaa. Isaan keessaa Sirna Gadaa Oromoo, Luwaa Sidaamaa, siidaawwan Aksum, bataskaanota dinqisiifatamoo Laallibalaa-Zaaguwee, dallaa Jagool, Gamoo Dirree Sheek Huseen, Masaraa Gondar, Masaraa Abbaa Jifaar Jimmaa fi Ijaarsa Daagaa Koonsoo irratti xiinxala gad-fageenyaan kennaa.

### Madaallii

Kutaa kana yommuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota keessan madaalaa. Kanneen keessaa kaartaa irratti eeruu, fakkiiwwan ibsuu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'a. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuun ittiin barattoota keessan madaalaa.

## B. Tokkummaa fi Ammayyummaa Itoophiyaa (Wayitii 5)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Bu'aa tokkummaan bilisummaa Itoophiyaanotaaf buuse ni ibsu.
- Jalqabbiin ammayyummaa jijjiirama Itoophiyaa keessatti fide ni ibsu.

### Qophii Duraa

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin mata duree barnoota kanaa hundasaa sirriitti qaaccessaa. Itoophiyaan daangaa fi kaartaa har'a qabdu kana kan mirkaneeffatte bara mootii Miniliiki II (1889-1913tti) humnaan ta'uusaa xiinxalaa. Haa ta'u malee, tokkummaan uumame Itoophiyaaf bu'aalee buuse qabaachuu isaa siriitti qayyabadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattootni ummattoonni Itoophiyaa attamitti tokko ta'anii Xaaliyaanota Aduwaa irratti akka injifatan akka ibsan gaafachuun dabalataanis barreeffama gaggabaabaa dhiyeessuun irratti haa mar'atan. Barattootni waa'ee jalqabbii ammayyummaa Itoophiyaa dhuma jaarraa 19<sup>ffaa</sup> fi jalqaba jaarraa 20<sup>ffaa</sup> keessatti muldhate hanga beekan akka dubbatan gaafadhaa. Itti aansuun gareen ta'anii jijjiirama ammayyummaan fide kanneen akka barnootaa, daldalaa fi baankii, qunnamtii fi geejjibaa, fayyaa fi k.k.f. irratti haa mari'atan. Bakka bu'oonni garees argannoo isaanii dareetti haa dhiyeessan. Dhumarratti bu'aa fi miidhaa ammayyumma irratti wal haamorman.

**Madaallii**

Kutaa kana yommuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota keessan madaalaa. Kanneen keessaa kaartaa irratti eeruu, fakkiiwwan ibsuu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'a. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuun ittiin barattoota keessan madaalaa.

## DEEBII GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 1

### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yokiin Soba

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa

### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Firoomsii

1. C
2. D
3. A
4. B
5. G

### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

1. D
2. C
3. D
4. B
5. E

### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Bakka Duuwwaa Guutuu

1. Basaqaa
2. Almuqqaah
3. Laallibalaa
4. Kaawoo
5. Yeroo
6. Innaariyaa
7. Gaafaat

Boqonnaa 2

# Lafaa fi Naannawa Ishee

**(Wayitii 10)**

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:**

- Sadarkaa sadarkaan wixinee (iskeechii) kaartaa mana barnootaa isaaniitii fi naannawa isaa muldhisu ni hojjatu.
- Dhiibbaa ta'eewwan sochiilee lafaa ni ibsu.
- Qabeenya bishaan Itoophiyaa kan waggaa guutuu jiraatuu fi waqtii waqtiin muldhatu addaan ni baafatu.

**Qabxiiwwan Ijoo**

Barnoota Hawaasaa boqonnaa dabree keessatti waa'ee argama biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa barachuun isaanii ni yaadatama. Boqonnaa kana keessatti ammoo waa'ee Lafa fi Naannoo Ishii baratu. Qabxiileen gurguddoon boqonnaa kana keessatti argaman, argama naannoo keenyaa, danaa, sochiilee lafaa fi ta'eewwan isaanii fi dhiibbaa waqtiileen hojii qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban fa'a.

Barnoota boqonnaa kanaa keessaa sadarkaan ga'umsa barnootaa inni xiqqaan barattoota irraa barbaadamu maalummaa kaartaa ibsuu, sadarkaalee wixineen (iskeechiin) kaartaa itti hojjatamu ibsuu, fi wixinee kaartaa argama mana barnootaa isaanii muldhisu hojjachuu, danaa, sochiilee lafaa fi ta'eewwan ishii addaan baafachuu, ta'eewwan sochii lafaatiin uumaman ibsuu fi dhiibbaa waqtiileen sochilee dinagdee hojii qotisaatii fi horsiisa horii irratti qaban wal bira qabuun ibsuu danda'uu fa'a.

## 2.1. ARGAMA NAANNOO KEENYAA (WAYITII 4)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Faayidaa kaartaa ni ibsu.
- Akkaataa wixineen (iskeechiin) kaartaa itti hojjatamu ni ibsu.
- Wixinee kaartaa argama mana barnootaa isaanii muldhisu ni hojjatu.

**Qophii Duraa**

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Wixinee kaartaa naannoo mana barnootaa isaanii agarsiisu.
- Dheerina keenyaan daree isaanii, balbalaa fi fooddaawwan safaruuf kan gargaaru meetira qopheeffachuu.
- Argama mana barnootaa ibsuuf xiyyaa kallattii kaabaa agarsiisu qopheessuu fa'a.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatti fayyadamuun barsiisuun ni danda'ama. Isaaniis mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, agarsiisaa fi barattoonni piroojektii akka hojjatan kennuu fa'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu-barsiisuu kan barattoota barnootaaf sissi'eessan filachuun murteessaadha. Mata duree kana keessatti yaadni ijoon barsiifamu waa'ee faayidaa kaartaa, akkaataa wixineen kaartaa itti hojjatamuu fi wixinee kaartaa argama mana baranootaa muldhisu haala itti qopheessuu danda'an irratti shaakalsiisuu fa'a. Ulaagaa wixineen kaartaa ittiin qophaa'u kennuun kaartaa qophaa'e san madaalaa.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota dhiyaateef hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qaba. Barsiisaan/tuun dandeettii barattoota isaanii addaan baafachuun gargaarsa isaaniif barbachisu kennuu qabu. Fakkeenyaaf, gaaffiilee Kaartaan maali? Faayidaan kaartaa maali? Iskeelii kaartaa ibsuu dandeessaa? Kanniin jedhan gaafachuun deebii barattoonni kennan irraa hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffachuu qabu.

Wixinee kaartaa hajjachuuf ulaagaalee barbaachisan keessaa muraasni armaan gadiiti ibsaniiru.

- **Furtuu qopheeffachuu:** Duraan dursanii osoo wixinee kaartaa hin qopheessin wantoota kaarticha irratti kaafaman filachuu fi mallattoo isaan bakka bu'an qopheessuu,
- **Iskeelii filachuu:** Bakki kaartichi itti hojjatamuu fi waraqaan irratti kaafamu baldhinaan walcaalu. Waan kana ta'eef hariiroo fageenyaa yookiin baldhina lafa irraa fi waraqaa irraa walitti dhiyeessuuf iskeelii gargaaru filachuu,
- **Halluuwwan filachuu:** Wantoota filatamanii wixinee kaartaa irratti kaafaman adda baasanii agarsiisuuf halluuwwan adda addaa qopheeffachuu fi
- **Wixinee kaartaa hojjachuu:** Wantoota akka kaafaman barbaadaman bakka bakka isaanii irratti kaasuun agarsiisuudha. Meeshaaleen wixinee kaartaa qopheesuuf barbaachisan waraqaa, qubeessaa, haqxuu, sarartuu, maarkarii yookiin qubeessaa halluu fi kan kana fakkaatan fa'a.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gitan gargaarsii addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochaawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irra eegamuu olitti hojjatanii qabxii barbadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duubatti hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

## DEEBII GOCHA 2.1

1. Wixinee kaartaa mana barnootaa barattoonni hojjatan ilaluun hubannoo fi dandeetti isaanii madaaluu.
2. Wixinee kaartaa naannoo mana isaanii, daandii fi laga agarsiisu kan barattoonni hojjatanii fi mallattoowwan wantoota kaartaa irratti kaafamaniif kaa'an ilaaluun dandeetti barattootaa madaaluu mirkaneeffachuu.

## DEEBII GILGAALA 2.1

1. Kaartaan meeshaa qaama lafaa guutuu yookiin gar tokkee ishii bakka bu'uun akka haala salphaa ta'een hubatamuun danda'amutti gad xiqqeeffamee akka waan samii irraa gad ilaalameetti waraqaa diriiraa irratti kaafamee muldhisuudha.
2. Faayidaan kaartaa gurguddoon argaman, fageenyaa,baldhinaa fi kallatti agarsiisuu dha.
3. Iskeeliin kaartaaa mala hariiroon fageenya kaartaa irratti qabxilee lama jidduu jiruu fi hanga fageenyi kun lafa irratti bakkeewwan lamaan kaartaa irratti ibsaman jidduu jiru ibsuu dha.
4. Kallattiiwwan hangafoota jedhaman Kaaba, Baha, Kibba, fi Dhiha fa'a.

## 2.2. DANAA, SOCHIILEE LAFAA FI TA'EEWWAN ISAANII (WAYITII 4)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Danaa lafaa addaan baasuun ni ibsu.
- Sochiilee lafaa addaan ni baafatuu.
- Ta'eewwan sochilee lafaatiin uumaman ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbachisan, giloobii, calii jirbii ittiin fooyan, baatirii harkaa, kaartaa yookiin fakkii danaa pilaaneetotaa agarsiisan qopheeffachuu barbachisa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatti fayyadamuun barsiisuun ni danda'ama. Isaaniis mala ibsaa, gaaffii fi deebiin, marii, agarsiisaa fi barattootaa proojektii akka hojjatan kennuu fa'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu-barsiisuu kan barattoota barnootaaf sissi'eessan filachuun murteessuudha. Mata duree kana keessatti yaadni ijoon barsiifamu waa'ee danaa, sochiilee lafaa fi ta'eewwan ishii (guyyaa fi halkanii akkasumas waqtiilee) fa'a.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qabda.

Dandeettii barattoota keetii addaan baafachuun gargaarsa isaaniif barbaachisu kennuufii qabu; Fakkeenyaaf, gaaffiilee akka danaan lafaa maal fakkaata? Sochiileen lafaa bakka meeqatti qoodamu? Isaan maal fa'a? jechuun gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuu qabda.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuun barbaachisaadha. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gitan gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuun gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuun gargaarsa addaa gochuufii barbaachisa. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa eegamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

## DEEBII GOCHA 2.2

1. Giloobii barattoonni waraqaa moofaa bukeessuun hojjatanii fidan ilaaluun dandeettii barattootaa madaaluu.
2. Sochii lafti utubaa ishii irratti gootuun uumama guyyaa fi halkanii addaan baafachuun harka tokkoon giloobicha dhihaa gara bahaatti naanneessuun harka biraatiin ammoo baatirii irratti ibsuun hubachuuf yaalii barattoonni godhan ilaaluun madaaluu.

## DEEBII GILGAALA 2.2

1. Qaamman sirna biiftuu keessatti argaman Biiftuu, pilaaneetota saatalaayitota komeetota, astriyidootaa fi mitiyoorota fa'a.
2. Pilaaneetiin diyaameetira dheeraa qabu Juppitariidha.
3. Ta'eewwan sochii lafti utubaa ishii irratti gootuun kan uumamun guyyaa fi halkan.
4. Oorbiitiin danaa murtaa'aa (sarara) lafttii fi pilaaneetonni biroo of irra itti naanna'aniidha.
5. Dheerinni diyaameetira bantiilee lafaa 12,640 km ennaa ta'u, dheerinni diyaameetira Mudhii lafaa 12,756 km ta'a.
6. Ganna, Birraa, Bonaa, fi Arfaasaa/ Badheessa/.
7. Fageenyi lafaa fi biiftuu jidduu jiru 150,000,000 km ta'a.
8. Biiftuun sarara Kaansarii irratti sirrii sammuu irra kan ooltu Waxabajjii 21ti.
9. Naannoon Bantii Kibbaa sa'aa 24 : 00 dukkana keessaa kan galu Waxabajjii 21 gaafa biiftuun sirrii sammuu naannoo sarara kaansarii marfame irra ooltuudha.
10. Naannoo sarara Mudhii lafaa irratti biiftuun Fulbaana 23 fi Bitootessa 21 sirrii sammuu irra oolti.

## 2.3. DHIIBBAA WAQTILEEN HOJII QOTISAA FI HORSISA HORII IRRATTI QABAN (WAYITII 2)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Dhiibbaa waqtiileen sochiiwwan dinagdee hojii qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban wal bira qabuun ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan, Giloobii, kaartaa Itoophiyaa haala qilleensa baramaa fi faactii roobaa agarsiisu, kaartaa Itoophiyaa kan haala teessuma lafaa (Physical map of Ethiopia) agarsiisu fi odeeffannoo waa'ee facaatii roobaa ibsu qopheeffachuudha.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatti fayyadamuun barsiisuun ni danda'ama. Isaanis mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, agarsiisaa fi hojii piroojektii barattootaaf kennuu fa'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu barsiisuu kan barattoota barnootaaf sissi'eessan filachuun baay'ee murteessadha. Mata duree kana keessatti yaadni ijoon dhiibbaa waqtiileen sochiiwwan dinagdee qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban dimshaashaan ibsuu fi keessattuu, sochii dinagdee Itoophiyaa irratti qaban barattoonni wal bira qabuun hubachuu akka danda'an taasisuudha. Hubannoo barattootaa mirkaneeffachuuf haala qabatamaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun hojiiwwan ummanni naannoo isaanii baay'inaan irratti bobba'e kanneen akka hojii qotiisaa fi horsiisa horii haala hamma rooba naannichi argatuun wal bira qabuun madaaluuf odeeffannoo akka funaananii fi gabaasa dhiyeessan hojii piroojektii kennuufiin madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne gochuu qabdan.

Dandeettii barattoota keessanni addaan baafachuun gargaarsa isaaniif barbaachisu kennuufii qabdu. Fakkeenyaaf gaaffiilee Waqtii jechuun maali? Waqtiileen akkamiin uumaman? Itoophiyaa keessatti waqtiilee meeqatu argama? Kanniin jedhan fa'a gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuu qabdan.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun barbaachisaadha.

**DEEBII GOCHA 2.3**

1. Gabaasa barattoonni naannoolee lafa baddaa fi lafa dakee Itoophiyaa jiraatan fudhachuun tokko naannoo lafa baddaa inni biroo ammoo jiraataa naannoo lafa dakee ta'e fudhachuun sochiiwwan dinagdee naannoo isaanii keessatti adeemsifamu hojjataa misoomaa ganda isaanii gaafachuun qopheessanii dhiyeessan ilaaluun madaaluu fi hubannoo barattootaa mirkaneeffachuudha.

## DEEBII GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 2

### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. Dhugaa | 2. Soba | 3. Soba | 4. Soba |
| 5. Dhugaa | 6. Soba | 7. Dhugaa | 8. Dhugaa |
| 9. Dhugaa | 10. Dhugaa | | |

### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti Firoomsuu

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. B | 2. D | 3. C | 4. E |
| 5. A | | | |

### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. A | 2. B | 3. C | 4. B |
| 5. C | | | |

### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gabaabaa Kennuu

1. Guyyaa fi Halkan
2. Waxabajjii 21
3. Fulbaana, Onkoloolessaa fi Sadaasaa
4. Bara 1519-1525
5. Meerkurii

Boqonnaa 3

# Naannoo Keenya

## (Wayitii 19)

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:**

- Gosoota biqiltootaa fi bineensota bosonaa beekamoo fi karaalee ittiin kunuunfaman ni beeku.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa guddina biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu ni hubatu.

**Qabxiiwwan Ijoo**

Barnoota boqonnaa tokkoffaa keessatti waa'ee argamaa fi qubannaa ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa barachuun isaanii ni yaadatama. Boqonnaa lammaffaa keessatti ammoo waa'ee Lafaa fi naannoo ishii akka baratanis beekamaadha. Barnoota boqonnaa sadaffaa kana keessatti ammoo waa'ee naannoo keenyaa jedhu baratu.

Barnoota boqonnaa kanaa keessaa sadarkaan ga'umsa barnootaa inni xiqqaan barattoota irraa barbaadamu maalummaa naannoo isaanii ibsuu, danda'uu, gosoota biqiltoota uumamaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa addaan baasuun ibsuu, bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa himuu danda'uu, bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman addaan baasuun himuu, barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa ibsuu danda'uu, dhiibbaa saffisaan dabaluun lakkoofsa ummataa guddina biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti fidu addaan baasuun ibsuu, maloota gurguddoo kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif barbaachisu addaan baasuun ibsuu fi sochii kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhaman keessatti hirmaachuuf fedhii fi dandeettii horachuu danda'uu isaanii fa'a.

## 3.1. GOSOOTA BIQILTOOTA UUMAMAA, BINEENSOTA BOSONAA BEEKAMOO FI BARBAACHISUMMAA ISAANII (WAYITII 19)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Gosoota biqiltoota uumamaa Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa keessatti argaman addaan ni baafatu.

- Bineensota beekamoo Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaatti argaman maqaan ni tarreessu.
- Bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaatti argaman beekamoo fi naannoo kana keessatti qofa argaman addaan ni baafatu.
- Barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa ni ibsu.
- Barbaachisummaa kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhamuu qabu namoota birootiifis ni ibsu.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa guddina biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu addaan baasuun ni ibsu.
- Akkaataa hojii kunuunsaa keessatti hirmaachuu itti danda'an ni ibsu.
- Maloota beekamoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa itti kunuunsan ni tarreessu.
- Dalagaawwan kunuunsaa kanniin haala qabatmaa naannootiin walitti fiduun sochii kunuunsaa keessatti ni hirmaatu.
- Barbaachisummaa bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo Gaafa Afrikaa keessatti argaman ilaalchisuun dinqisiifannaa isaanii ni ibsu.
- Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman maqaan addaan baasuun ni tarreessu. Fakkeenyaaf, Gadamsa (Niyaalaa), Waaliyaa Ayibeeksii (Walia Ibex), Jeedala diimtuu (Red Fox) fi Jaldeessa Daabee (Galada Baboon) fa'a.

**Qophii Duraa**

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Kaartaa Itoophiyaa fi kaartaa Afrikaa kanniin haala faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa agarsiisan.
- Kaartaa Itoophiyaa yookiin Afrikaa kan haala qoodama naannoolee bosonaa, lafa margaa fi gammoojjii agarsiisuu.
- Kaartaa Itoophiyaa fakkiiwwan bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman agarsiisuu.
- Fakkiiwwan bineensota bosonaa yeroo ammaa fuula lafaa irraa badaa jiran agarsiisan.
- Barattoota garee gareetti qooduun gahee taphachuun akka shaakalan taasisuu. Fakkeenyaaf, ganda isaanii keessatti namoota bineensota bosonaa midhaan nu jalaa balleessan jedhanii ajjeessuu barbaadanii fi namoota bineensota ajjeessuu hin barbaanne ta'uun akka walmorman taasisuun dogoggora jiru akka addaan baafatan haala mijeessuu.
- Sumudaa qo'annoowwan naannoo lafa bosonaa irratti gaggeeffaman irraa dubbisuun odeeffannoowwan qindeeffachuu.
- Kaartaa paarkiiwwan biyyooleessa Itoophiyaa kan haala faca'iinsa bineensota bosonaa Itoophiyaa argasiisu qopheeffachuu.
- Barreeffama waa'ee biqiltoota uumamaa, bineensota bosonaa dhiibbaa saffisaan dabaliinsi lakkoofsa ummataa qabeenya uumamaa irratti qabuu fi maloota beekamoo kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa ilaalchisuun kitaaba barataa keessatti dhiyaatan dursaan dubbisuun qophii godhuu fa'a.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatti fayyadamuun dhiyeesuun ni danda'ama. Isaanis, mala ibsaa, gaaffii fi deebii, wal mormii, marii, gahee taphachuu, agarsiisaa fi piroojektii hojjachisiisuu fa'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu barsiisuu barattoota barnoota isaaniitiif sissi'eesan mata duricha dhiyaatu irratti hundaa'uun filatamuu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota dhiyaateef hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qaba.

Barattoota keessan addaan baafachuun gargaarsa isaaniif Barbaachisu kennuufii qabdu. Fakkeenyaaf gaaffiilee akka Faayidaan biqiltoota uumamaa maal fa'a? bineensonni bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman beekamoon maal fa'a? Dhiibbaan saffisaan guddachuun lakkoofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu maal fa'a? kan jedhanii fi kanniin biroo gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuu qabdu.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gitan gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuun, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruutu isin irraa eegama. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

### DEEBII GOCHA 3.1A (HOJII PIROJEKTII)

1. Gabaasa barattoonni waa'ee faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti hojjattoota misoomaa ganda isaanii irraa odeeffannoo funaanuun qindeessanii barreeffamaan dhiyeesan ilaaluu fi madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffachuudha.

### DEEBII GOCHA 3.1B (HOJII PIROJEKTII)

1. Gabaasa waa'ee hariiroo badiitii biqiltoota uumamaa, baqa bineensota bosonaa fi dhumiinsa qabeenya bosonaa jidduu jiru irratti barattoonni manguddootaa fi ogeeyyii hojii misoomaa ganda isaanii irraa odeeffannoo funaananii qindeessanii dhiyeessan ilaaluu fi madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffachuudha.

### DEEBII GILGAALA 3.1

**Dhugaa yookiin Soba.**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba
6. Soba
7. Dhugaa
8. Dhugaa
9. Dhugaa
10. Dhugaa

## DEEBII GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 3

### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. Dhugaa | 2. Soba | 3. Soba | 4. Soba |
| 5. Dhugaa | 6. Dhugaa | 7. Soba | 8. Soba |
| 9. Dhugaa | 10. Dhugaa | | |

### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti firromsi

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1. C | 2. B | 3. D | 4. A | 5. F |

### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1. D | 2. B | 3. A | 4. B | 5. C |
| 6. D | 7. B | 8. C | 9. C | |

### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee gabaabaa

1. Footoosintasiisii fi kaarboo Haydireetii
2. Biyyee suphee, biyyee cirrachaa fi biyyee loom.
3. Gadamsi (Niyaalaan) naannoolee gaarreen Arsii- Baalee fi Waaliyaa Ayibeeksiin ammoo naannoo gaarreen kaabaa jedhamanitti argamu.
4. A. Madda Nyaataa

   B. Madaala Uumamaa eeguu

   C. Binneensonni bosonaa madda qo'annoo fi qorannoo ta'uu fi

   D. Bineesonni bosonaa midhaagina qabaachuu fa'a
5. A. Baay'inni lakkoofsa ummataa dabalaa deemuu

   B. Fedhii muka qoraanii fi ijaarsa manaa

   C. Babaldhina magaalotaa

   D. Babaldhina qotiisa ammayyaa

   E. Bosonatti ibidda qabsiisuu
6. Bosonoomsuu (Afforestation)

Boqonnaa 4

# Ajandaa Ummataa

## (Wayitii 16)

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Barattoonni dhuma boqonnaa kanaa booda:**

- Itoophiyaa keessatti barmaatilee HIV/Eedsiitiif nama saaxilaanii fi dhiibbaa dhibeen kun geessisuu danada'u ni ibsu.
- Dhiibbaa saffisaan guddachuun ummata geessisu ni xiinxalu.
- Ibsitoota bulchiinsa gaarii fi mirgoota daa'immanii ni himu.
- Balaawwan nama irra ga'an attamiin ofirraa ittisuun akka danda'amu ni ibsu.

**Qabxiiwwan Ijoo**

Boqonnaan kun dhimmoota gurguddoo hawaasaa wajjin wal qabatan of keessatti haammata. Isaanis dhimmoota HIV/Eedsiin wal qabatan kanneen akka sababootaa fi dhiibbaa isaa, dhiibbaalee saffisaan guddachuu lakkoofsa ummataa, waa'ee bulchiinsa gaarii mirgoota daa'immanii fi dhimmoota nageenyaati. Kana ta'uu isaa hubattanii dhimmoota kana irratti sirritti qophaa'uun isin irraa eegama.

## 4.1. DHIMMOOTA UMMATAA (WAYITII 4)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Barmaatilee HIV/Eedsiitiif nama saaxilan ni ibsu.
- Dhiibbaa barmaatileen miidhaa geessisanii kanneen akka butii, dubara kittaanuu fi ilkaan tumuu fidan ni xiinxalu.
- Daa'imman warra malee hafuunii fi jireenyi daandii irraa dhiibbaa HIV/Eedsiitiin dhufan ta'uu isaanii hubachuun ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Osoo kutaa hin seenin dura mata-duree kana sirriitti dubbistee hubachuu keessan mirkaneeffadhu. Sadarkaa Itoophiyaattis ta'ee sadarkaa Oromiyaatti barmaatilee miidhaa fidan fi dhibeewwan adda

addaa keessumattuu HIV/Eedsiitiif nama saaxilan jiraachuu isaanii qalbeeffadhu. Barmaatileen miidhaa fidan kunniinis fayyaa qaama nama dhuunfaas ta'ee jireenya gamtaa fi guddina hawaasaa irratti rakkoo kan uuman ta'uu isaanis mirkaneeffadhu.

#### Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoonni barmaatilee miidhaa geessisan naannoo isaanii keessatti muldhatan ilaalchisee daree keessatti akka mari'atan taasisuun kutaa eegaluun isin irraa eegama. Osoo itti hin himin dura hanga beekan akka isinitti himan barattoota gaafadhaa. Kanneen isinitti himan gabatee gurracha irratti katabaa. Barmaatleen himan fuulduratti odeeffannoo beekan haa barreessan. Sana booda waa'ee barmaatilee kanneenii barsiisaa. Itti aansuun barattootni akkaataa itti barmaatileen kunneen HIV/Eedsii nama saaxilan irratti haa walfalman. Fakkeenya qo'annoo sumudaa tokko fudhadhaa isa booda barattootni hanga ijoollee maatiin irraa dhumanii daandiitti ba'anii akka himan gaafadhaa. Barmaatilee naannoo isaaniitti miidhaa geessiisan jedhanii yaadan irratti akka waliin mari'atanii gabaasan taasisaa.

#### Madaallii

Kutaa kana keessatti hirmaannaa barattootaa kanneen akka marii garee, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaa deebissuutiif qabxii kennaa. Qabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii madaalaa.

### DEEBII GILGAALA 4.1

1. Maddootni barmaatilee miidhaa fidan haala naannoo naannootiin garaa gara. Kanaafuu, deebiin barattootaa adda adda ta'uu ni danda'a. Garuu, ilaalchi duubatti hafaan sababa walii galaa yoo ta'u, sababootni kanneen akka fedhii bareedinaa, dhibeewwanii fi rakkoowwan adda addaatiif qorichaa fi fala argachuuf carraaqqiin godhaman maddoota barmaatilee kanneeniiti.
2. Barmatileen hawaasaa Itoophiyaa miidhaa fidan irra caalaa kan miidhaa qaqqabsiisan dubartoota irratti. Kunis kan ta'eef ilaalchi dogoggoraan dubartoota gad-aantummaan ilaaluun waan jiruuf akkasumas baay'een isaanii kan raawwataman dubartoota irratti waan ta'eef.
3. Meeshaalee qaama namaa muruun ykn waraanuun dhiigsuu danda'an of eeggannoo malee gamtaan itti fayyaadamuu fi saal-qunnamtii of eeggannoo hin qabne yoo raawwatame dhukkubni HIV Eedsii daddarbuu danda'a.
4. Eedsiin dhukkuba vaayirasii HIV jedhamuun dhiiga nama faalamee irraa gara isa nagaatti daddarbuudha. HIV/Eedsiin dhukkuba daddarbaa hanga ammaatti qorichi hin argamnee fi kan qaama namaa dadhabsiisuudhaan daandeettii ittisa dhibee qaamaa xiqqeessuun du'aaf nama saaxiluudha. Karaaleen inni nama irraa gara namaatti ittiin daddarbu keessaa inni ijoon saalqunnamtii of eeggannoo hin qabneedha. Kanneen biroo ammoo isaan armaan gadiiti:
   - Lilmoo namni vaayirasichaan faalame ittiin waraanameen namni fayyaan yoo waraanamu.
   - Dhiigni nama vaayirasii HIVn faalamee nama fayyaaf yoo arjoomame.
   - Meeshalee qara qaban kan namni faalame ittiin fayyadame namni fayyaan yoo itti fayyadamu.
   - Rigaa ilkaanii namni vaayirasichi keessa jiru ittiin rigate namni fayyaan yoo fayyadme.
5. Tamsa'ina HIV/Eedsii ittisuuf carraaqqileen barataan/barattuun tokko gochuu danda'u/dandeessu kanneen armaan gadii ta'uu danda'u:
   - Ilaalcha namootaa carraa argametti fayyadamuun jijjiruuf carraaqqii gochuu.

- Karaalee dhukkubni kun daddarbu hawaasa hubachiisuun akka of-eeggatan taasisuu.
- Namoota HIV/Eedsii wajjin jiraatan ofitti qabuun kunuunsuu fi isaan wajjin qunnamtii hawaasummaa gaarii horachuudha.

6. HIV/Eedsiin dhiibbaa guddaa barnoota irratti qaba. Sababni isaasi fayyaan jiraatu malee barachuu fi barsiisuun hindanda'amu waan ta'eef. Akkasumas haadhaa fi abbaa daa'imman irraa ajjeesuun akka hin baranne taasisa.

## 4.2. DHIIBBAAWWAN SAFFISAAN GUDDACHUU LAKKOOFSA UMMATAATIIN DHUFAN (WAYITII 4)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Saffisaan guddachuun lakkoofsa ummata Itoophiyaa hanqina lafa qonnaa fi tajaajila hawaasummaa kan geessisu ta'uu isaa ni ibsu.

**Qophii Duraa**

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin mata duree kana hundasaa sirriitti dubbisuun hubadhaa. Guddina baay'ina ummataa jechuun lakkoofsaan dabalaa adeemuu uummata naannoo tokkoo jechuu akka ta'e qalbeeffadhaa. Dhiibbaaleen saffisaan baay'achuuu lakkoofsa ummataa nageenya maatii, lafa qonnaa fi qabeenya uumamaa, tajaajila hawaasummaa fi dinagdee waliigalaa irratti geessisu baay'ee akka ta'an xiinxalaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattootni, lakkoofsi manneen barnootaa fi dareewwan isaan qaban akkasumas baay'inni barattoota galmaa'an kanneeni waggaa kudhaniin dura turan wajjin walbira qabuun akka madaalan taasisaa. Haalli kun ammoo mana barnootaa irratti dhiibbaa inni fidu irratti mari'achuun gabaasa akka barreessan gargaaraa. Maatii ykn namoota biroo gaafachuun sababoota gurguddoo hanqina tajaajila hawaasummaa fidan akka barreessaanii dareetti dhiyeessan taasisaa.

Dhiibbaa guddachuun lakkoofsa ummataa lafa qonnaa fi dheedichaa irratti fidu barattoota gaafachuun gabatee gurraacha irratti tarreessuun gabaasa gabaabaa akka barreessan taasisaa.

**Madaallii**

Hirmaannaa barattootaa kanneen akka gabaasa dhiyeessuu, marii garee fi gaaffiilee adda addaa hojjachuu isaanii hordofuun madaalaatii qabxii kennaafi. Qabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii madaalaa.

## DEEBII GILGAALA 4.2

1. Lakkoofsi manneen barnootaa fi dareewwan isaan qaban akkasumas baay'inni barattoota galmaa'an kanneeni waggaa kudhaniin dura turan wajjin walbira qabuun madaalchisuun naannoo gara naannootti adda adda. Garuu, haala qabatamaa Itoophiyaa waliigalaatiin lakkoofsi barattootaa akka malee yoo baay'achaa adeemu manneen barnootaa fi dareewwan ammoo baay'ina barattootaatiin wali hingitan. Haalli kun ammoo mana barnootaa irratti dhiibbaan inni fidu guddaadha. Manneen barnootaa babaldhachaa dhufanillee, baay'ina ijoollee umuriin isaanii barnootaaf ga'e wajjin waan wal-gituu dhabaniif, dhiphina manneen barnootaa irraa kan ka'e ijoolleen baay'een carraa barnootaa ni dhabu.
2. Sababoota gurguddoo hanqina tajaajila hawaasummaa fidan keessaa inni ijoon saffisaan baay'achuu lakkoofsa uummataati. Saffisaan baay'achuu ummataa irraa dhabeenyi maallaqaa ni muudata. Dhabeenya maallaqaatiin kan ka'e tajaajilootni hawaasummaa babaldhachuu hindanda'an. Sana irratti ammoo maatiin tokko jiddu galeessaan daa'imman saddeeti godhatee lakkofsi uummata hirkatoo haala malee dabalaa adeemu irraan kan ka'e tajaalotni kunniin saffisa uummata wajjin walgituu hindandeenye.
3. Dhiibbaan guddachuu lakkoofsa ummataa lafa dheedichaa irratti fidu cimaadha. Saffisaan baay'achuu lakkoofsa uummata wajjin fedhiin lafa qotiisaa argachuu namoota bara baraan jireenya isaanii hundeessanii dabalaati adeema. Lafa qonnaa haaraa argachuuf jecha lafa dheeddichaa hangana jedhanii hin tilmaamnetu gara lafa qotiisaatti jijjirama.

## 4.3. BULCHIINSA GAARII, MIRGOOTA DAA'IMMANII FI NAGEENYAA (WAYITII 2)

### A. Bulchiinsa Gaarii

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Seeronnii fi danbiiwwan manneen barnoota akeeka barbaadamu galmaan ga'uuf kan ba'an ta'uu isaan addaan baasuun ni ibsu.
- Ibsiitota bulchiinsa gaarii ni himu.
- Hiikkaa itti gaafatamummaa, iftoominaa, seera kabajuu fi malanmaltummaa irraa bilisa ta'u ni himu.

#### Qophii Duraa

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin barnootaa mata-duree kanaa hunda isaa sirriitti qaaccessi.

Bulchiinsi gaariin akkaataa itti jaarmiyaaleen hawaasummaa dhimmoota hawaasummaa haala mijaawaa raawwachiisanii fi qabeenya hawaasaa haala haya-qabeessa ta'e fayyadamanii mirgoota namummaa kabachiisuun hogganuu ta'uu isaa xiinxalaa. Yeroo baay'ee ammoo xiyyeeffannaan bulchiinsa gaariif yoo kennamu mootummaa dimokiraatawaa kan jajjabeessu ta'uu isaa qalbeeffadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

- Seera ittiin bulmaata (dambiiwwan) manneen barnoota, dura bu'oonni, barsiisotnii fi barattootni manneen barnootaa ittiin bulan irratti barattootni keessan akka mar'atan taasisaa. Kana ilaalchisee barattootni gabatee gurraacha irratti akka kaasanii irratti mar'atan gaafadhaa. Gabatee guraacha irratti kolamii lama haa kaa'aan, tokko jalatti mirga kan jedhu haa barreessan, isa biroo keessatti immoo diqama kan jedhu haa barreessan. Isa booda barattootni mata duree lamaan jalatti waan isaan ilaalu akka tarreessan taasisaa. Gabaasas akka dhiyessan taasisaa.
- Barattootni yeroo attamii gargaarsa manneen barnootaa akka barbaadan fakkeenya akka kennan gaafadhu. Fakkeenyaaf, miidhaa humna irraa dambiin mana barnootaa isaan eeguu danda'uu isaa. Qorannoo dhimma kanaan walqabatan irratti adeemsifame dhiyeessuufiin akka hubatan taasisaa.
- Dhaabbilee naannoo isaaniitti argaman kanneen akka waajjira poolisii, bulchiinsa gandaa fi aanaa akkamiin akka gurmaa'anii fi gahee isaanii irratti barattootni akka mar'atan taasisaa. Qorannoo guyyaa poolisii ilaalchisee dhiyaate fayyadamaa.
- Dabalataanis barreeffama gaggabaabaa dhiyeessuun akka irratti mar'atan taasisaa. Gareen ta'anii bulchiinsa gaarii ilaalchisee walaloo barreessuus ni danda'u. Barattootni waa'ee jalqabbii bulchiinsa gaarii Itoophiyaa waggoota dhihoo asi keessatti muldhate hanga beekan akka dubbatan gaafachuunis ni danda'ama. Itti aansuun gareen ta'anii jijjiirama jalqabbii bulchiinsi gaariin kun fide irratti haa mar'atan. Bakka bu'oonni garees argannoo isaanii dareetti haa dhiyeessan. Dhuma irratti bu'aalee bulchiinsa gaariin irratti wal haa falman.

**Madaallii**

Kutaa kana yommuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota keessan madaalaa. Kanneen keessaa kaartaa irratti agarsisuu, fakkiiwwan ibsuu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'u. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessaa ittiin barattoota keessan madaalaa.

## B. Mirgoota Daa'immanii (Wayitii 3)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti barattootni:

- Labsiiwwan addunyaa keessatti daa'imman ilaalchisanii ba'an mirgoota daa'immanii eegsisuu isaanii ni ibsu.
- Mirgoota bu'uuraa daa'immanii ni tarreessu.

**Qophii Duraa**

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin dura mata duree kana hundasaa sirriitti dubbisaa hubadhaa. Akka seera Dhaabbata Mootummoota Wal-ta'aniitti Daa'imman kan jedhaman ijoollee umuriin isaanii waggaa 18 gad ta'an ta'uu isaa qalbeeffachuun yaadannoo qabadhaa. Ijoolleen akkasii kunneen qaamaan lallaafoo sammuunis kan hin bilchaanne wanta ta'aniif, kunuunsa, eegumsa, tajaajilaa fi xiyyeeffannaa guddaa maatii ykn guddistoota isaanii irraa akka barbaachisu hubadhaa. Ijoollee akkasii tohannaa warraarraa walaba taasisuun baay'ee rakkisaa akka ta'es xiinxalaa. Haa ta'u malee, ijoolleen akka namummaatti mirgoota isaaniif eegamuu qaban akka beekan yaadannoo qabadhaa. Mirgoota daa'immanii kanneenis gargar baasaatii barattoota keessan hubachiisuuf yaalaa. Kana gochuufis kitaabota adda addaa dubbisuun isin gargaara.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

- Barreeffama mata duree kana jala jiru barattoota keessan wajjin dubbisaa. Yaaddan ijootiif xiyyeeffannaa kennaa. Osoo gara ibsaatti hin ce'in dura barattootni keessan mirgoota akka daa'immaniitti qaban akka eeraniif ykn akka barreessaniif gaafadhaa. Deebii isaaniis tokko tokkoon irraa fuudhaatii gabatee irratti tarreessaa. Itti aansuun itti gaafatamummaa isaanii jalqaba barreessanii akka xumuran taasisaa.
- Mirgoota daa'immanii irratti waliigalteen addunyaa jiraachuu isaa iitti himi. Isaan keessaayyis hanga beekan akka himan gaafachuun gabatee irratti barreessanii akka irratti mar'aatan taasisaa.
- Sana booda ibsa walii galaa mirgoota kanneen irratti kennaa. Mirgoota daa'immanii akka waliigaltee UNESCOtti jiran ibsaafi. Isaan keessaas mirga lubbuun jiraachuu, mirga wantoota jireenyaaf barbaachisoo ta'an argachuu, mirga maatii ykn guddistoota isaanii beekuu fi isaaniinis kunuunfamuu, mirga barachuu fi kunuunsa fayyaa argachuu, mirga maqaa fi lammummaa argachuu, mirga hojiiwwan humnaa olii fi miidhaa fidan irraa eegamuu akkasumas mirga adabbii cimaa fi namummaa isaanii sarbuu irraa bilisa ta'uu irratti xiinxala gadi-fageenyaan kennaa.
- Daa'ima miidhaan irra gahe tokko fudhachuun waa'ee isaa/ishii irratti barattoota wajjin marii gaggeessaa.

**Madaallii**

Mata duree kana yommuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota keessan madaalaa. Kanneen keessaa kaartaa irratti agarsisuu, fakkiiwwan ibsuu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'a. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessaattii ittiin barattoota keessan madaalaa.

## C. Balaa fi Of eeggannoo Taasifamu

**Gahumsa Barachuu isa xiqqaa**

Xumura mata duree kanaatti barattoonni:

- Wantoota naannoo isaaniitti balaa fidan addaan ni baafatu.
- Dambiiwwan nageenya isaanii eegsisan ni ibsu, ni tarreessu.
- Namoonni biroon attamiin balaa irraa akka ofeegan ni gorsu.

**Qophii Duraa**

Daree seentanii barsiisuu osoo hin eegalin wantoota naannoo barattoonni keessan jiraatan keessatti balaa geessisuu danda'an tooftaa adda addaatti fayyadamuun addaan baafachuu isin barbaachisa. Fakkeenyaaf, naannoo mana jireenyaatti ibiddaan, elektirikaa fi beeyiladoota adda addaatiin gahuu danda'an, naannoo mana jireenyaatiin alatti ammoo balaa daandii irraa/konkolaataan/, galaanaa fi bineensota bosonaa fa'aan gahuu danda'an hubadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Balaan maal akka ta'e barattoonni akka dabaree dabareen ibsan gaafachuun barannoo kana eegalaa. Kana booda barattoota garee gareetti qooduun:

- Balaawwan naannoo isaanii keessatti uumamuu danda'an maal maal akka ta'an akka tarreessan,

- Balaawwan kunniin haala kamiin nama irra gahuu akka danda'anii fi miidhaa geessisuu danda'anii fi
- Haala kamiin balawwan kanneen irraa of eeguun akka danda'amu irratti mari'atanii gabaasa qopheessuun akka dhiyeessan taasisaa.

**Madaallii**

Barattoonni mata duree kana sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf:

- Barattoonni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti gaaffii gaafachuu fi deebii kennuudhaan akka hirmaatan taasisaa,
- Hirmaannaa tokko tokkoon barataa/tuu marii garee keessatti taasisu/ftuu fi gabaasa garee gareen dhiyaate hordofuun madaalaa.

## DEEBII GILGAALA 4.3

1. Seerota ittiin bulmaata (dambiiwwan) dura bu'oonni, barsiisotni fi barattootni manneen barnootaa ittiin bulan kanneeni akka imaammata biyoolessaa irratti hundaa'uun barsiisuu fi barachuu, naamusa mana barnootaa eeguu fi k.k.f. ta'uu danda'u.
2. Manneen barnootaa keesstatti mirgootni barattootaa barnoota gahaa argachuu, barnoota ilaalchisee kan isaaniif hin galle gaafachuu, gumiilee mana barnootaa keessatti hirmaachuu, miidhaalee adda addaa irraa eegamuu fi k. k.f. yoo ta'an dirqamootni isaanii ammoo yeroon mana barnootaatti argamuu, mana barnootaa irraa hafuu baay'isuu dhiisuu, hojii manaa fi daree hojjachuu, naamusa barnoota eeguu fi k.k.f.
3. Dhaabbileen kanneen akka waajjira poolisii, bulchiinsa gandaa fi aanaa akka walii galaatti kan gurmaa'an caasa bulchiinsa biyyoolesaa irratti hundaa'uun. garuu, baldhinaan qorannoo barattootni yoo gaggeessanii fidanii kutaatti dhiyeessan misha. Fakkeenyaaf, bulchiinsi aanaa biyya keenyaa yeroo ammaa mana maree fi kaabinee mataa isaa qaba. Bulchiinsi gandaas hogganaa/dura taa'aa, barreessaa, hidhattootaa fa'a. Waajjirri poolisiis nageenya naannoo eegsisuuf kan qindaa'u caasaa mataa isaatii qaba.
4. Mirgoota daa'immanii irratti walgalteewwan addunyaa jiran baay'eedha. Isaan keessaa ijoon lubbuun jiraachuu, kunuunfamuu, balaa irraa eegamuu fa'a.
5. Mirgootni bu'uuraa daa'immanii wantoota jireenyaaf barbaachisoo ta'an argachuun lubbuun jiraachuu, mirga barachuu fi kunuunsa fayyaa argachuu, mirga maqaa fi lammummaa argachuu fi balaa irraa eegamuu fa'a.
6. Ittigaafatamummaan daa'immanii maatii fi hangafootaa kabajuu, amala gaarii horachuu, safuu hawaasaa kabajuu fi danbiilee manneen barnoota kabjuu fa'a.
7. Barmaatileen miidhaa daa'imman irratti geessisan daa'imman dhadhaa addaanuu (dheedhii) liqimsiisuu, ichimaan gubuu, huuba qoonqoo mursiisuu fi irgaa (daadee) buqqisiisuu, hidda dhiigaa mursiisuu, tumaa tumsiisuu, ijoollee dubaraa kittaanuu/dhaqna qabuu, dubara yeroo malee heerumsiisuu fi butuudha
8. Mirgootni Daa'imman Heera Itiyoophiya bara 1995 keeyyata 36 irratti eeramaniiru. Isaanis kanneeni armaan gadiiti:
   - mirga lubbuun jiraachuu.
   - mirga maqaa fi lammummaa argachuu.
   - mirga maatii ykn guddistoota isaanii beekuu fi isaaniinis kunuunfamuu.
   - mirga barmaatilee humnaa isaanii acuucanii ykn cunqursanii akkasumas

barnootaa fi fayyaa isaanii irratti miidhaa fidan irraa eegamu.

- manneen barnootaa fi bakkeewwan guddinaa ykn oolmaa daa'immaniitti mirga adabbii cimaa fi namummaa isaanii sarburraa bilisa ta'uu.
- dhaabbilee mootummaa, mit-mootummaa, dhuunfaa fi gargaarsaa/arjoomaa keessatti yeroo tarkaanfiiwwan daa'imman ilaallatan fudhataman fedhiin daa'immanii dursaan yaadamuu qaba.
- Ijoolleen naamusa gaarii hin qabne manneen amala sirreessaa ykn wiirtulee deebisan utubuu/ijaruu keessaa jiraatan, kanneen mootummaa ykn dhaabbilee gargaarsaan guddatan mirga namoota gurguddoo irraa addatti kunuunfamuu qabu.
- Ijoolleen gaa'eelaan alatti dhalatan ijoollee gaa'eela keessatti dhalatan wajjin mirga walqixa qabaatu.
- Ijoollee maatii hin qabneef mootummaan kunuunsa adda taasisaafi. Akkasumas guddifachaan sirna ittiin guddifamuu danda'anii fi tasgaabbii barnoota isaanii akka itti fufan dhaabbileen akka hundeeffamanii fi babaladhatan ni jajjabeessa.

9. Balaa konkolaataa, bajaajii, motor biskileetii, biskileetii, gaarii fardaan yookiin harreen harkfamu fa'a.
10. Ciniinamuu, waraanamuu, dhiitamuu fi nyaatamuu.
11. Bakka lolaan irra lola'uu fi wanta ibidda kaasuu danda'uu fi balaa elektirikaa irraa of eeguu.

## DEEBII GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 4

### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba

### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti Firoomsuu

1. B
2. G
3. D
4. F
5. E

### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

1. E
2. B
3. C
4. A
5. D

### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gabaabaa Kennuu

1. 1989
2. 18
3. 1992
4. Hatootummaa (oomishummaa)
5. Mootummaa, seektara dhuunfaa fi dhaabbilee siivilii

# BU'AAWWAN BARNOOTA HAWAASAA KUTAA 5

## 1. Beekumsa argachuu fi hubannoo cimsachuuf

- Biyyoota naannoo gaafa Afrikaa fi hundeewwan maatii afaanota gurguddoo naannichatti dubbatanii
- Itoophiyaatti hundeeffama mootummaawwan duriitii fi bu'aawwan isaan argamsiisan
- Haallan garaagarummaa qubsuma, aadaa fi haala jireenyaa hawaasa naannoolee baddaa fi lafa dakee (gammoojjii) jidduutti garaagarummaa uuman.
- Gosoota biqiltootaa fi bineensota bosonaa gurguddoo fi karaalee gurguddoo kunuunsa isaanii
- Barmaatilee miidhaa geessisan, kanniin dhibee HIV/AIDSiif saaxila nama baasanii fi dhiibbaa Itoophiyaa irraan geessisan
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuu ummataa
- Haala bulchiinsa gaarii fi mirga daa'immanii
- Danaa, sochiilee lafaa fi ta'eewwan sochilee lafaa

## 2. Ogummaa fi Dandeettiiii cimsachuuf

- Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun argama Itoophiyaa biyyoota ollaa wajjin wal bira qabuun ibsuu
- Wixinee kaartaa (Iskeechii) kaasuu fi hubachuu danda'uu.
- Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa kunuunsuu.
- Waqitileen wajjiin wal qabsiisuun hojiiwwan karoorsuu
- Naannoo isaanii keessatti barmaatilee miidhaa geessisuun dhibee HIV/AIDSiif namoota saaxilan qorachuu fi akkaataa dhibee HIV/AIDSii ittiin ittisan hubachuu

## 3. Amalaa fi ilaalcha gaarii horachuuf

- Dhiibbaa saffisaan dabaluun ummataa guddina biqiltootaa fi bineensota bosonaa irra gahu qindeessuu danda'uu.
- Bu'aawwan ammayyummaan Itoophiyaa keessatti argamsiisee eeguu danda'uu,
- Malootaa balaawwan irraa nama ittisan hordofuu
- Bu'aawwan ammayyummaan Itoophiyaa keessatti argamsiise dinqisiifachuu
- Barbaachisummaa Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argamanii dinqisiifachuu danda'uu.

## BOQONNAA 1 ARGAMAA, QUBANNAA UMMATA ITOOPHIYAA FI GAAFA AFRIKAA (WAYITII 23)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Argama birqabaa fi maqaa biyyoota Gaafa Afrikaa ni himu.
- Maqaa fi Argama mootummoota durii Itoophiyaa keessaa fi Gaafa Afrikaa himuun sadarkaa seenaa fi siyaasaa kutaaleen biyyoota Itoophiyaa irra gahan ni dinqisiifatu.
- Maqaa fi argannoowwan mootummoota Itoophiyaa durii ni tarreessu.
- Bu'aawwan ammayyummaa gurguddoo biyyattii keessatti argaman ni dinqisiifatu.
- Sababoota garaagarummaa qubannaa, aaddaa fi haala jireenyaa naannoowwan baddaa fi lafa dakee gidduutti muldhatan addaan ni baafatu.

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| Barattoonni erga mata duree kana baratanii booda:<br>• Argaa Gaafa Afrikaa ni himu.<br>• Angafoota kallattiitti fayyadamuun sirriitti ni barreessu.<br>• Maqaa biyyoota Gaafa Afrikaa ni himu.<br>• Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun argama Itoophiyaa biyyoota oolaa wajjiin walbira qabanii ni agarsiisu. | 1.1 Biyyootaa Gaafa Afrikaa fi Argama isaani (Wayitii 4)<br>• Argama birqabaa Gaafa Afrikaa<br>• Biyyootaa Gaafa Afrikaa | • Kaartaa Afrikaa guddisuun gabatee irratti kaasuu yookiinis tooftaa addaa fayyadamaa. Gaaffii kaasuun attamiin Afrikaa keessaa naannoo Gaafa Afrikaa agarsiisuun akka danda'amu gaafachuu. Fakkeenyaaf, kallattii Bahaatii moo kaabaa-Bahaatii fi kanneen kana fakkaatan? Ibsa keessatti Angafoota kallattii fayyadamaa. Barataan Itoophiyaa kaarticha irratti akka dabaluu fi argama Finfinnee irratti mallattoo akka kaa'u taasisaa.<br>• Itti aansuun barataan biyyoota ollaa akka tarreessu/situ gaafadhaa. Fakkeenyaaf, Sudaan, Keeniyaa jechuun kaartaa irratti dabalanii akka barreessan gaafadhaa. Ammas maqoota galaanaa akka itti dabalan gaafadhaa (Garba Hindii, Galo galaana Edenii fi galaana Diimaa). Dhuma irratti maqaa magaalota muummee biyyootaa akka itti dabalan gaafadhaa<br>• Kaartaa daandii xiyyaarri Itoophiyaa irra balali'u agarsiisu (yookiin kan kana fakkaatu) kitaaba isaanii keessatti argamu fayyadamuun bakka adda addaa agarsiisaa. Magaalota gurguddoo ilaalaa.<br>• Xiyyaarri sa'atiitti kilomeetra 800 giddugaleessaan kan balali'u ta'uu isaa barattootatti himuun tokkoon tokkoon magaalaa kallattii kam irratti akka argamu gaafachuu, isa booda deebii isaanii barreessuu,fakkeenyaaf, Moqadishoon gara Kibba Bahaatti argamuu ishee. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Angafoota kallattiitti fayyadamuun argama magaalotaa muummee biyyootaa sirriitti ni himu. | | • Barattoonni kaarticha dabatara isaanii irratti garagalchuun akka xumuran gochuun fageenya Finfinneen magaalota Gaafa Afrikaa biroo irraa qabdu akka shallagan jajjabeessuu. Xiyyaaraan deemuun hangam jijjiirama akka fidu irratti haa mari'atan.<br>**Barsiisa:** Kaartaa daandii qilleensaa sirrii ta'e agarsiisu fayyadamaatii barataa keessatti fedha uumaa. |
| • Bakkeewwan arkiyoolojii Itoophiyaa fi gaafa Afrikaa addaan ni baafatu.<br>• Walduraa duubummaa (tartiiba)fi faayida qabeessummaa hambawwanii ni himu.<br>• Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa seenuu amantiiwwan gurguddoo kanneen hubatan ni ibsu.<br>• Amantiiwwan waldanda'anii waliin jiraachuun isaanii haaraa akka hin taane dinqisiifachuun ni ibsu.<br>• Biyyi Itoophiyaa biyya amantiin adda addaa keessatti argamu ta'uu isaa ni ibsu. | 1.2 Seenaa fi Qubannaa Ummatoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa (wayitii 11)<br>• Madda dhala namaa; Bakkeewwan Arkiyoolojii Itoophiyaa fi Keeniyaa.<br>• Amantiin Kiristaanaa fi Isilaamaa Gaafa Afrikaa seenuu | • Barattoota maqaa hambaawwan kanaan dura dhagahanii akka himan gaafachuun eegaluu.<br>• Isaanis kanneen akka armaan gadiiti.<br>• Ostiraaloopitikas aferensis (Lusii)<br>• Hoomoo saappiyeen Ideltuu (Selaam)<br>• Osoo itti hin himin dura hanga beekan akka isinitti himan barattoota gaafadhaa. Maqaawwan isinitti himan gabatee gurraacha irratti barreessaa. Maqaa himan fuulduratti odeeffannoo beekan haa barreessan. Isa booda waa'ee hambawwan kanneenii barsiisaa. Itti aansuun akkaataa turtii isaanii irratti waliin mari'achuun tartiibaan ka'anii akkaataa umurii hambawwaniitiin maqaa haa dhahan. Sanaan booda barattoonni dabtara isaanii irratti haa barreeffatan.<br>**Barsiisa:** Qorannoo arkiyoolojistiin Itoophiyaa tokko adeemsise/te footogiraafii fayyadamuun ibsaafii. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Mootummoota durii Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa turan ni dinqisifatu. | 1.3 Mootummoota durii Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa Turan (Wayitii 8)<br>• Puntii fi Daamaat<br>• Aksum<br>• Zaaguwee<br>• Sulxaanota Musili-imaa<br>• Walaayitaa<br>• Daamot<br>• Innaariyaa<br>• Kafaa | • Barattoonni gareen ta'anii amantiiwwan kunniin attamiin Itoophiyaa akka seenan mari'atanii akka gabaasan gaafa-chuun barnooticha jalqabuu. Amantiiwwan kanneen gabatee gurraacha irratti barreessuun barattoonni waa'ee amantiiwwan kanneenii waan beekan akka barreessan taasisuu. Itti aansuun odeeffannoowwanii fi kitaabolee durii irraa raga tuquun akkaataa itti amantiiwwan kunniin Itoophiyaa seenan barsiisaa. Kana booda haala yerosii fi yeroo ammaa gidduu walfakkaattii fi adda addummaa jiru kanneen hubatan akka himan gaafachuu. Isa booda akka lammii Itoophiyaatti attamiin tokkummaan adda addummaa keessatti jiraachuun akka danda'amuu fi adda addumaa keessatti osoo garaagar hin citin jiraachuun akka danda'amu akka himan jajjabeessuu.<br>**Barsiisa:** Qo'annoo ragaa madda sirriitti qabu irratti hundaa'e fayya-damaa<br>• Mootummoota durii kanneen akka Puntii fi Daamaat ilaalchi-see ibsa gabaabaa kennuufii.<br>• Barattoonni kaartaa Itoophiyaatti fayyadamuun mootummoota beekamoo durii haa agarsiisan.<br>• Barattoonni gareen hiramanii mootummonni durii Itoophiyaa keessa kallattii adda addaatti kanneen argaman ta'uu isaanii irratti haa mari'atan. Isaanis Aksum, Zaaguwee, Salxaanota musliimaa, Walaayitaa, Daamot, Innaariyaa fi Kafaa dha. |
| • Bu'aawwan seenaa fi siyaasaa mootum-mootaa addaan ni baasu | 1.3.1. Bu'aawwan seenaa fi siyaasaa (Wayitii 3)<br>• Aksum<br>• Zaaguwee<br>• Gondar<br>• Koonsoo<br>• Hararii<br>• Sirna Gadaa (Oromoo fi Sidaamaa) | • Barattoonni gabaasa bu'aawwan gurguddoo seenaa fi siyaasaa mootummoota Aksum, Zaaguwee, Gondar, Hararii, Koonsoo, Sirna Gadaa Oromoo fi Sidaamaa keessa argaman haa barreessan. Fakkeenyaaf,<br>• Aksum - Siidaawwan<br>• Zaaguwee - bataskaanota Laalibalaa dinqisiisoo ta'an<br>• Gondar - Masaraa Gondar<br>• Hararii - Dallaa Magaalaa Hararitti naanna'ee ijaarame.<br>• Koonsoo - Daagaa ijaaruu<br>• Ormoo fi Sidaamaa - Sirna Gadaa. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Bu'aa tokkummaan injifannoo waraana Aduwaaf buuse ni ibsu.<br>• Jalqabbiin ammayyummaa Itoophiyaa keessatti jijjiirama inni fide ni ibsu<br>• Sababoota ijoo garaagarummaa qubannaa ummataa fidan addaan ni baasu. | 1.3.2. Tokkummaa fi Ammayyummaa (Wayitii 5)<br>• Bu'aa Tokkummaan Injifannoo Aduwaai Buuse.<br>• Jalqabbii Ammayyummaa (Barnoota, Baankii, Daandii Baaburaa, Fayyaa, Telekoomun-ikeeshinii, humna waraanaa, tajaajila poostaa) | • Barattoonni Itoophiyanonni attamitti tokko ta'anii Xaaliyaanota Aduwaa irratti akka injifatan akka ibsan gaafachuun dabalataanis barreeffama gaggabaabaa dhiyeessuun akka irratti mari'atan taasisaa. Gareen ta'anii waraanicha ilaalchisee walaloo barreessuu ni danda'u.<br>• Barattoonni waa'ee jalqabbii ammayyummaa Itoophiyaa dhuma jaarraa 19ffaa fi jalqaba jaarraa 20ffaa keessatti muldhate hanga beekan akka dubbatan gaafachuu. Itti aansuun gareen ta'anii jijjiirama ammayyummaan fide kanneen akka barnootaa, daldalaa fi baankii, qunnamtii fi fayyaa irratti haa mari'atan. Bakka bu'oonni garees argannoo isaanii daree keessatti haa dhiyeessan.<br>• Dhuma irratti daree keeessatti bu'aa fi miidhaa ammayyummaan qabu irratti walhaamorman.<br>• Garee afuritti hiramanii hojii garee haa hojjatan. |
| • Sababoota qubannaa ummataa haala jireenyaa Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessatti muldhatu walqabs-iisuun ni ibsu.<br>• Haala jireenyaa fi aadaa namoota naannoo lafa baddaa, lafa dakee, magaalaa fi baadiyyaa keessa jiraatan waliin ni madaalu. | • Sababoota ijoo garaagarummaa Qubannaa fi Aadaa fidan<br>• Garaagarummaa Qubannaa: Qilleensa baramaa, leecalloo fi Ittisa.<br>• Garaagarummaa haala jireenyaa fi aadaa namoota magaalaa fi baadiyyaa akkasumas baddaa fi lafa dakee gidduu jiru. | • Garee 1 : Baadiyyaa Baddaa<br>• Garee 2: Magaalaa Baddaa<br>• Garee 3: Baadiyyaa lafa dakee<br>• Garee 4: Magaalaa lafa dakee<br>• Garee hundaaf naannoo tokko irratti akka hojjatan kennaafii. Naannoo kennameefis kaartaa kitaaba isaanii keessa jiru irraa agarsiisuu yookiin gabatee gurraacha irratti kaasanii agarsiisuu.<br>• Gareen hundumtuu waan argatan akka barreessan haa ta'u. Qilleensi baramaan attamiin akka mana jireenyaa, uffata (huccuu), qonnaa fi daldala akkasumas aadaa mata dureewwan kennamaniif irratti dhiibbaa uumuu akka danda'u akka ibsan gochuun kanneen dhiyaatan hunda waliin madaaluun akka hubatan taasisuu. |

**Madaallii**

Barsiisaan hojii tokkoon tokkoon barataa boqonnaa kana keessatti raawwate walitti fufiinsaan madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun ibsa itti aanuun waliin madaalee barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa irra ga'uu isaa ni murteessa.

**Barattoonni:** sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa irraa barbaadamu irratti hojjatan:

- Argama Itoophiyaa biyyoota ollaa isheen walbira qabanii ni himu.
- Biyyoota Gaafa Afrikaa ni tarreessu, amantiwwan gurguddoo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa seenan ni himu, namoonni amantii adda addaa hordofan waliin jiraachuu isaanii ni dinqisiifatu, ta'eewwan seenaa fi siyaasaa mootummoota Itoophiyaa keessatti muldhatan addaan ni baafatu, Mootummoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa turan ni himu, bu'aa tokkummaa injifannoo waraana Aduwaa irratti argamsiise ni ibsu, jijjirama ammayyummaan Itoophiyaa keessatti fide ni ibsu, sababoota qubannaa irraa kan ka'e adda addummaa jireenyaa Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessatti muldhatu ni ibsu, Sababoota qubannaan namootaa bakka adda addaa ta'e addaan ni baafatu, haala jireenyaa fi aadaa naannoo lafa baddaa fi lafa dakee Itoophiyaa keessa jiru waliin ni madaalu.

**Barattoonni:** sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaaniis beekamtii argachuu qaba. Caalmaan hojjachuu akka itti fufan jajjabeeffamuu qabu malee hojii duraatti quufuun of dagachuu hin qaban.

**Barattoonni:** sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa gaditti hojjetan kanneen biroo waliin akka deeman gochuuf gargaarsi addaa isaan barbaachisa. Daree keessatti xiyyeeffannaa addaa kennuufii fi yeroo boqonnaa yookiin yeroo barnootaa booda barnoota dabalataa kennuufiin gargaaruun barbaachisaadha.

Adeemsa madaallii keessatti barsiisaan xiyyeeffannaa addaa fi gargaarsa barbaachisaa ta'e barattoota fedhii addaaf kennuun irra jira.

# BOQONNAA 2 LAFAA FI NAANNAWA ISHEE (WAYITII 10)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Sadarkaa sadarkaan Wixinee kaartaa (iskeechii) mana barnoota isaanitii fi naannowa isaa muldhisu ni kaasu.
- Dhiibbaa/Ta'eewwan sochiilee lafaa ni ibsu.
- Qabeenya bishaan Itoophiyaa kan waggaa guutuu jiraatuu fi waqtii waqtiin muldhatu addaan ni baafatu.

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Faayidaa kaartaa ni ibsu.<br>• Akkaataa wixineen kaartaa itti ka'u ni ibsu.<br>• Wixinee (iskeechii) kaartaa argama mana barnootaa isaanii muldhisu ni qopheessu. | 2.1. Argama naannoo keenyaa (wayitii 4)<br>• Kallattii fi argama muldhisuuf wixinee (iskeechii) kaartaatti fayyadamuu<br>• Wixinee kaartaa salphaa hojjachuu | • Barattoota wajjiin gabatee barnootaa irratti wixinee (Pilaanii) daree kaasaa. Dheerina keenyaawwanii safaruun iskeelitti fayyadamuun wixinee daree kaasaa. Barattoonni balbala, foddaa fi teessoowwan bakka argama isaanii irra akka kaa'an gaafadhaa. Wixinee kaartaa yaadaa kan mana barnootaa akka sumudaatti muldhisu irratti mari'achiisaa. Mallatoowwan fakkeenyaaf fi xiyyaa kaaba agarsiisuu danda'an jiraachuun barbaachisaa ta'uu ibsaaf. Kana booda akaakuu kaartaa barattoonni itti fayyadamuu dadna'anii irratti mari'achiisaa.<br>• Itti aansuun barattoonni dabtara yaadannoo isaanii akka banan gaafadhaa. Wixinee kaartaa kan mana barnootaa agarsiisu gabatee barnootaa irratti kaasuun haala adeemsa biiftuu waaree irratti hundaa'uun waa'ee kallattii kaabaa fi kibbaa irratti ibsa kennaafi. Barattoonni kaartaa mataa isaanii kan wantoota barbaachisoo ta'an kanniin akka daandiiwwanii, lagaa yookiin gamoowwan beekamoo ta'an agarsiisan akka kaasan gaafadhaa. Maqaa wantoota kaasanii barreessuu fi xiyyaa kaaba agarsiisu kaayuu qabu. |
| • Danaa fi sochiilee lafaa addaan ni baafatu.<br>• Ta'eewwan sochiilee lafaa ni ibsu. | 2.2. Danaa lafaa, sochiilee fi ta'eewwan (wayitii 4)<br>• Danaa lafaa<br>• Sochiilee lafaa fi ta'eewwan<br>• Guyyaa fi halkan<br>• Waqtiilee<br>• Duufinsa lafaa fi waqtiilee | • Barattoonni kanneen akka danaa, sochiilee lafaa fi ta'eewwan isaanii guyyaa fi halkanii fi waqtiilee (ganna, birraa, bonaa fi arfaasaa/badheessa) hubachuu akka danda'an giloobii fi baatirii harkaa itti kennuun itti agarsiisuu.<br>• Barattoonni fakkiiwwan haala waqtilee naannoo isaanii fi naannoolee addunyaa biroo akka walitti qaban gaafachuu. Fakkiiwwan kanniin irratti yeroo barnoota itti aanuu daree keessatti irratti mari'achiisuu. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Dhiibbaa waqtiileen sochiiwwan dinagdee qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban wal bira qabuun ni ibsu. | 2.3. Dhiibbaa waqtiileen hojii qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban. (Wayitii 2)<br>• Itoophiyaatti haallan waqtiilee<br>• Dhiibbaa waqtiileen hojii qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban | • Barattoonni moodela lafaa akka hojjatan taasisaa. Itti aansuun bakka lafti itti argamtu bakka argama biiftuutiin wal bira qabuun akka himanii fi akkaataan duufama ishee uumama waqtiileetiif sababa akka ibsan gaafadhaa. Danaa haala duufinsa lafaa kanas gabatee barnootaa irratti kaasaa.<br>• Haallan qo'annoo sumudaa lama waqtiilee gannaa fi bonaa sochiilee dinagdee naannoolee lafa baddaa fi lafa dakee keessatti adeemsifaman fudhachuun wal bira qabuun barattoonni akka madaalan taasisaa. Kanas, kutaa keessatti irratti mari'achiisaa. |

**Madaallii**

Barsiisaan'tuun raawwii barattoota hundaa yaaddan boqonnaa kana keessatti ibsaman kaannin armaan gadiitiin waliin madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun barattoonni sadarkaa gahumsaa isa xiqqaa argachuu danda'uu isaanii addaan baafachuu danda'uu qabu.

**Barattoonni:** Sadarkaa gahumsaa isa xiqqaa barbaadamuu argachuuf hojjatan yoo xiqqaate kanniin armaan gadii raawwachuu qabu:

- Maalummaa kaartaa ibsuu
- Sadarkaalee wixineen (iskeechiin) kaartaa itti hojjatamu ibsuu
- Wixinee (iskeechii) kaartaa argama mana barnoota isaanii muldhisu hojjachuu
- Danaa fi sochiilee lafaa addaan baafachuu
- Ta'eewwan sochiilee lafaatiin uumaman ibsuu
- Dhiibbaa waqtiileen sochiilee dinagdee hojii qotiisaatii fi horsiisa irratti qaban wal bira qabuun ibsuu ni danda'u.

**Barattoonni:** sadarkaa gahumsa xiqqaa isaan irraa eegamuu/barbaadamuu/olitti hojjatan badhaafamuu qabu. Hojiin isaaniis dinqisiifamuu qaba. Raawwiin/hojiin/isaanii beekamee, galmeen qabameefii akka jabaatanii hojjatan jajjabeeffamuu qabu. Bu'aa argataniin of tuulanii akka of duuba hin deebineef gorsamuu qabu.

**Barattoonni:** sadarkaa gahumsa xiqqaa isaan irraa eegamuu/barbaadamuu/gad hojjatan, yoo xiqqaate barattoota sadarkaa jiddu galeessatti argaman wajjiin akka walqixxaatan gargaarsa addaa isaan barbaachisa. Ilaalchi addaa isaaniif kennamee yeroo boqonnaa fi gara dhuma guyyaatti gargaarsa addaa isaaniif gochuun barbaachisaadha.

Adeemsa madaallii kana irratti barsiisaan/tuun xiyyeeffannaa guddaa kennuu fi barattoota fedhii addaa qabaniif gargaarsa barbaachisu kennuufii qabu.

# BOQONNAA 3 NAANNOO KEENYA (WAYITII 19)

**Bu'aawwan boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Gosoota biqiltootaa fi bineensota bosonaa beekamoo fi maloota ittiin kunuunfaman ni hubatu.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltootaa fi bineensota bosonaa irraan gahu ni hubatu

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Gosoota biqiltoota uumamaa gurguddoo Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa keessatti argaman addaan ni baafatu.<br>• Bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaatti argaman maqaan ni tarreessu. | 3.1. Gosoota biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa beekamoo fi barbaachisummaa isaanii<br>3.1.1. Gosoota beekamoo biqiltoota uumamaa (wayitii 4)<br>• Bosona, lafa margaa fi gammoojjii<br>• Biqiltoota Itoophiyaa fi nannoo gaafa Afrikaa<br>• Gosoota bineensota bosonaa Itoophiyaa (Bineensota bosonaa beekamoo, kanniin biyya Itoophiyaa bakka murtaa'e keessatti qofa argamanii, kanniin sadarkaa badiitii irratti argamanii fi bakka jireenya isaanii) | • Gabatee barnootaa irratti fakkii kaartaa kaasaa. Fakkeenya gaafachuun bosona, lafa margaa fi gammoojjii jechuun maal akka ta'e irratti mari'achiisaa. Barattoonni bakkeewwan kanniin kaartaa gabatee barnootaa irra jiru irratti akka agarsiisan gafadhaa. Barattoota wajjin kaarticha xumuraa. Barattoonni akka dabtara yaadannoo isaanii irratti garagalfatan taasisaa.<br>• Barattoonni bineensota bosonaa Itoophiyaa qofa keessatti argaman akka maqaan tarreessan gaafadhaa. Bakkeewwan isaan itti argaman dabtara yaadannoo isaanii irratti guca qopheessuun akka barreessan taasisaa. Bineensota sanyiin isaanii badiitii/dhumaatii/irratti argaman tarreessuun akka irratti mari'atan jajjabeessaa.<br>• Barattoonni bineensota bosonaa Itoophiyaa qofa keessatti argaman keessaa tokko fudhachuun waa'ee bineensa kanaa irratti barreeffama gabaabaa qopheessuun akka kutaa keessatti barattootaaf dhiyeessan taasisaa. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Garaagar-ummaa bineensota Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa qofatti argamanii fi kanneen biroo addaan ni baafatu.<br>• Barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosoonaa Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa ni mirkaneeffatu. Barbaachisummaa kunuunsa bakka jireenya bineensota bosonaatiif godhamu ni himu.<br>• Barbaachisummaa kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhamuu qabu namoota birootiifis ibsuu ni danda'u. | 3.1.2. Barbaachis-ummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa (Wayitii 4)<br>• Madaala uumamaa jidduu biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jiru eeguuf.<br>• Qonnaan bultoonni fi bineensonni bosonaa akkamiin waliin jiraachuu akka danda'an<br>• Tuurizimii fi faayidaa inni jiraattota naannoof, bineensotaa fi qonnaan bultootaaf kennu. | • Ennaa bakka jireenya isaanii jalaa barbada'ee bineensonni bosonaa waan nyaatan dhaban maal ta'uu akka danda'an irratti barattoota mari'achiisaa. Barattoonnis kana ilaalchisee waan dhaga'anii beekan yoo jiraate akka himan gaafadhaa. Barattoonni barbaachisummaan qabeenya bineensotaa bosonaa kunuunsuun dabaree kunuunsuu keessaa isa tokko akka ta'etti yaaduu danda'uu isaanii gaafadhaa.<br>• Gahee taphachuu: Gandeen muraasni arbi midhaan isaanii waan jalaa balleesseef ajjeessuu yookiin fixuu barbaadu. Barattoonni fedhii namaatii fi bineesnota bosonaa jidduu madaallii jiru eegsiisuu irratti akkaataa ittiin waliin jiraachuu danda'an irratti akka mari'atan taasisaa.<br>• Gahee biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa tuuristoota hawachuun Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaatti qaban irratti akka mari'atan haala mijeessaafii.<br>• Ragaa qabatamaa fakkeenya fudhachuun bu'aa tuurizimiin Itoophiyaaf argamsiise irratti barattoota mari'achiisaa. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu addaan baasuun ni ibsu. | 3.1.3. Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu (wayitii 4)<br>• Badiitii biqiltootaa<br>• Baqa bineensotaa<br>• Dhumiinsa qabeenya bosonaa | • Mata dureewwan badiitii biqiltootaa, baqiinsa bineensotaa fi dhumiinsa qabeenya bosonaa jedhan sadan gabatee barnootaa irratti barreessaa. Barattoonni mata dureewwan sadan kanneen irratti wanta beekan yoo jiraate akka himan gafachuun mata dureewwan sadanuu jalatti addaan baasuun barreessaa.<br>• Barattoonni yaada gabaabaa waa'ee:<br>a. Akkamitti haallan ibsaman kunniin akka itti hin fufne taasifamuu akka danda'amu<br>b. Akkaataa haala kana itti jijjiiranii fi fooyya'iinsa uuman irratti ibsa akka barreessan taasisaa. |
| • Akkaataa hojii kunuunsaa keessatti hirmaachuu danda'an ni ibsu.<br>• Maloota beekamoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa itti kunuunsan ni tarreessu.<br>• Dalagaa-wwan kunuunsaa kanniin haala qabatamaa naannootiin walitti fiduun sochii kunuunsaa keessatti ni hirmaatu. | 3.1.4. Kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa (wayitii 4)<br>• Lafa bosoneessuu, bosona deebisanii dhaabuu fi ibidda bosonaa too'achuu<br>• Adamoo seeraan alaa ittiisuu<br>• Paarkiiwwan-biyyoolessaa Itoophiyaa fi dhaabbilee kunuunsaa (Wayitii 3) | • Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuun maaliif akka barbaachise barattoota gaafadhaa. Lafa bosona haarawaa yookiin bakka bosonni manca'ee deebifamee itti dhaabame dhiyeenyaan naannoo isaaniitti kan argamu yoo ta'e barattoonni addaan baasuun akka irratti mari'atan taasisa. Akkaataa barattoonni biqiltoota dhaabuu, paarkiiwwan biyyoolessaa eeguu fi too'annaa ibidda bosonaa naannoo isaanii mancaasuuf ka'e irratti hirmaachuu itti danda'an hubachiisaa.<br>• Qo'annaa sumudaa paarkii lafa bosona biyyoolessaa irratti adeemsifame. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Barbaachisummaa bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa keessatti argamanii ilaalchisuun dinqisiifannaa isaanii ni ibsu. | | • **Gahee taphachuu:** Barattoonni gareetti qoodamuun namoota bineensota bosonaatiit eegumsi guddaan godhamuuf ajjeessuuf barbaadanii fi hin barbaadne haa fakkaatan. Tokkoon tokkoo garee ejjannoo ofii qabaatanii wal haa morman. Barattoonni sochii namoonni bineensota bosonaa ajjeesuuf godhan dogoggoraa ta'uu isaa namoota bineensota bosonaa adamsan haa hubachiisani.<br>• Dhuma irratti gareetti qoodamuun waa'ee faayidaa fi faayidaa dhabummaa bineensota bosonaa irratti wal haa morman.<br>• Barattoonni poostara adamoo seeraan alaa hir'isuu fi cirama bosona naannoo isaanii hambisu agarsiisu haa qopheessan.<br>• Barattoonni kaartaa Itoophiyaa dabtara yaadannoo isaanii irratti argamu irratti paarkiiwwan biyyoolessaa beekamoo haa dabalani. Akkaataa biqiltoonni uumamaa bineensota bosonaatiif mijaa'ina qaban irratti barattoota mari'achiisuun yoo biqiltoonni badan bineensonni baduu yookiin wal horuu dhiisuu akka danda'an hubachiisa. (Dhaabbilee naannoo fi bineensota bosonaatiif kunuunsa godhan maqaa dhayuu (Waldaya Bineensota Itoophiyaa, UNEP)<br>• **Gahee taphachuu:** Namoonni lamaa bineensa naannoo isaanii keessatti qofa argamu ajjeessuu barbaadu, namoonni lamaa ammoo sochii isaanii kana dhaabsisuuf barbaadu. Barattoonni maal gochuu akka qaban irratti wal haa mormani. Bineensota bosonaa fi bineensota naannoo isaanitti argaman kunuunsuu irratti haa mari'atan. Yoo naannoo baadiyaa kan jiraatan ta'an gumii dhaabbachuu yookiin dhaabbata kunuunsa bineensotaaf hojjatan kan naannootti argamutti makamuu danda'u. |

**Madaallii**

Barsiisaan/tuun raawwii barattoota hundaa yaaddan boqonnaa kana keessatti ibsaman kannin armaan gaditiin waliin madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun barattoonni sadarkaa gahumsaa/Dandeettiiii/isa xiqqaa argachuu danda'uu isaanii addaan baafachuu danda'uu qabu.

**Barattoonni:** sadarkaa gahumsa/Dandeettii/isaa xiqqaa barbaadamu argachuuf hojjatan yoo xiqqaate kanniin armaan gadii raawwachuu qabu:

- Gosoota biqiltoota uumamaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa addaan ni baasu.
- Bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa maqaan ni tarreessu.
- Bineensota bosonaa Itoophiyaa qofa keessatti argaman addaan ni baasu.
- Barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa ni ibsu.
- Dhiibbaa saffisaan dabaluun lakkoofsa ummataa guddina biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu ni xiinxallu.
- Maloota gurguddoo kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif barbaachisan ni ibsu.
- Sochii kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhamu keessatti hirmaachuuf fedhii ni horatu.

**Barattoonni:** sadarkaa gahumsa isa xiqqaa irraa eegamu/barbaadamuu/olitti hojjatan badhaafamuu qabu. Hojiin isaanis dinqisiifamuu qaba. Raawwiin/hojiin/isaanii beekamee, galmaa'eefii akka jabaatanii hojjatan jajjabeeffamuu qabu. Bu'aa argataniin of tuulanii akka of duuba hin deebineef gorsamuu qabu.

**Barattoonni:** sadarkaa gahumsa xiqqaa isaan irraa eegamuu/barbaadamuu/gad hojjatan, yoo xiqqaate barattoota sadarkaa jiddu galleessaatti argaman wajjiin akka wal qixxaatan gargaarsa addaa isaan barbaachisa. Ilaalchi addaa isaaniif kennamee, yeroo boqonnaa fi gara dhuma guyyaatti gargaarsa addaa isaaniif gochuun barbaachisaadha.

Adeemsa madaallii kana irratti barsiisaan/tuun xiyyeeffannaa guddaa kennuu fi barattoota fedhii addaa qabaniif gargaarsa barbaachisu kennuufii qabu.

## BOQONNAA 4 AJANDAA UMMATAA (WAYITII 16)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Itoophiyaa keessatti barmaatilee HIV/Eedsiif nama saaxilanii fi dhiibbaa dhibeen kun geessisuu danda'u ni ibsu.
- Dhiibbaa saffisaan guddachuun ummataa geessisu ni xiinxalu
- Ibsitoota bulchiinsa gaarii fi mirgoota daa'iimmanii ni himu.
- Balaawwan nama irra ga'an attamiin ofirraa ittisuun akka danda'amu ni ibsu.

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| Barattoonni:<br>• Barmaatilee HIV/Eedsiif namoota saaxilan ni ibsu.<br>• Dhiibbaa barmaatileen miidhaa geessisan kanneen akka buttaa, dubara kittaanuu fi irga tumuu fidan ni xiinxalu.<br>• Daa'imman warra malee hafuunii fi jireenyi daandii irraa dhiibbaa HIV/Eedsiin dhufan ta'uu isaanii irratti mari'atanii hubachuun ni ibsu. | 4.1. Dhimmoota ummataa (wayitii 4)<br>• HIV/Eedsii fi Barmaatilee miidhaa geessisan<br>• Walitti dhufeenya daddarbiin HIV/Eedsii barmaatilee miidhaa geesisan (buttaa, kittaanuu dubaraa fi ilkaan tumuu) waliin qabu<br>• Dhiibbaan HIV/Eedsii daa'iimman warra malee hanbisuun daandiitti kan baasu ta'uu isaa | • Barmaatilee miidhaa geessisan naannoo isaanii keessatti muldhatu ilaalchisani daree keessatti ni mari'atu.<br>• Barattoonni barmaatileen miidhaa geessisan attamiin HIV/Eedsiif akka nama saaxilan irratti haa walfalman.<br>• Fakkeenya qo'annoo sumudaa tokko fudhadhaa (case study) Isa booda barattoonni fakkeenya dhumanii maatiin irraa dhumanii daandiitti ba'an akka himan gaafadhaa.<br>• Barattoonni HIV/Eedsiin jireenya daandiif kan nama saaxilu ta'uu isaa fakkeessanii taphaan haa agarsiisan.<br>• Barattoonni lakkoofsi manneen barnootaa fi dareewwan isaan qaban akkasumas baay'inni barattoota galma'anii kan waggoota kudhan dura ture wajjin walbira qabuun akka beekan gochuu.<br>• Haalli kun mana barnoota irratti dhiibbaa inni fidu irratti mari'achuun gabaasa gabaabaa haa barreessan.<br>• **Qorannoo:** Barattoonni maatii yookiin namoota biroo gaafachuun sababoota gurguddoo hanqinni tajaajila naannoo isaanii mudate maal fa'a akka ta'an haa barreeffatan. Yaada argatan daree keessatti haa dhiyeessan. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Saffisaan guddachuun lakkoofsa ummataa Itoophiyaa hanqina tajaajila hawaasaa fi lafa qonnaa kan geessisu ta'uu isaa ni ibsu. | 4.2. Dhiibbaa saffisaan guddachuu lakkoofsa ummataan dhufu (Wayitii 4)<br>• Hanqina tajaajila hawaasummaa.<br>• Hanqina lafa qotiisaa. | • Guddachuun lakkoofsa ummataa attamiin lafa qonnaa fi dheedichaa irratti dhiibbaa akka qabu barattoota gaafachaa. Dhiibaa dhufuu danda'u gabatee gurraacha irratti tarreessuun gabaasa gabaabaa akka barreessan taasisaa.<br>• Qorannoo sumudaa bakka tokko irratti adeemsifame irratti mari'achiisaa. |
| • Seerotaa fi dambiiwwan manneen barnootaa kanneen ba'an akkeeka barbaadamu galmaan ga'uuf ta'uu isaa addaan baasuun ni ibsu.<br>• Ibsitoota bulchiinsa gaarii ni ibsu.<br>• Hiikkaa Gaafatam-ummaa, Itti gaafatam-ummaa, Iftoominaa fi malaamm-altummaa irraa bilisa ta'uu ni himu. | 4.3. Bulchiinsa gaarii, Mirgoota daa'iimmanii fi Eegumsa isaanii (Wayitii 8)<br>4.3.1. Bulchiinsa gaarii (Wayitii 2)<br>• Ibsitoota bulchiinsa gaarii (Gaafatam-ummaa, Itti gaafata-ummaa, iftoomina, Seera kabajuu, malaammal-tummaa irraa bilisa ta'uu) | • Akkaataa manneen barnootaa direkteroota, barsiisotaa fi barattootaan itti bulan irratti ni mari'atu. Kana ilaalchisee barattoonni gabatee gurraacha irratti fakkii akka kaasan gaafadhaa.<br>• Gabatee gurraacha irratti kolamii lama kaa'aa, tokko jalatti mirga kan jedhu barreessaa, isa biroo keessatti immoo' Itti gaafatamummaa' kan jedhu barreessaa. Isa booda barrattoonni mata duree lamaan jalatti waan isaan ilaalu akka tarreessan taasisaa.<br>• Barattoonni yeroo attamii gargaarsa manneen barnootaa akka barbaadan fakkeenya akka kennan gaafadhaa. Fakkeenyaaf, Miidhaa humnaa irraa dambiin mana barnootaa isaan eeguu danda'uu isaa. Qorannoo dhimma kanaan walfakkaatu irratti adeemsifame dhiyeessuufiin akka hubatan taasisaa.<br>• Dhaabileen naannoo isaanitti argaman attamiin akka gurmaa'an irratti haa mari'atan. Fakkeenyaaf, ganda, aanaa fi gahee poolisii. Qorannoo guyyaa poolisii ilaalchisee dhiyaate fayyadamaa. |

| Dandeettii/Ga'umsa | Qabiyyee | Gochaalee raawwatamuu qaban |
|---|---|---|
| • Mirgoota daa'iimmanii addunyaa keessatti ba'an (UNESCO) eeguu isaanii ni ibsu.<br>• Mirgoota bu'uuraa qaban ni himu | 4.3.2. Mirgoota Daa'iimmanii (wayitii 3)<br>• Mirgoota daa'iimmanii (maqaa fi eenyummaa qabaachuu, barachuu, seeraan miidhaa irraa eegamuu) | • Mirgoota daa'iimmanii irratti waliigalteen addunyaa jiraachuu isaa ittii himaa. Isaan keessaas amma beekan akka himan gaafachuun gabatee irratti barreessanii irratti haa mari'atan.<br>• Mirgoota bu'uuraa daa'iimmanii akka waliigaltee UNESCOtti jiru ibsaafii.<br>• Itti aansuun itti gaafatamummaa isaanii jalqaba barreessuufiin akka xumuran taasisaa.<br>• Daa'iimman miidhaan irra gahe tokko fudhachuun waa'ee isaa irratti mari'achiisaa |
| • Waatoota naannoo isaanitti balaa fidan addaan ni baafatu<br>• Dambiiwwan nageenya isaanii eegsisan ni ibsu, ni barreessu.<br>• Namoonni biroon attamiin balaa irraa akka of eegan ni gorsu. | 4.3.3. Balaa fi ofeegganoo taasifamu (wayitii 3)<br>• Daandii<br>• Bineeldota miidhaa geessisan<br>• Lolaa fi Ibidda | • Barattoonni balaawwan mana isaanii keessaa fi naannoo isaaniitti irra gahu irratti mari'achuun akkaataa itti of eeganis yaada ni kaa'u.<br>• Barattoonni waa'ee balaa daandii irraa kanneen argan gareen irratti haa mari'atan. Dambiiwwan balaa daandii irraa of eeguuf ba'an maal fa'a akka ta'an gaafachuun gabatee gurraacha irratti barreessuu. Gareen ta'anii chaartii nageenya daandii irraa agarsiisu hojjachuun mooraa mana barnootaa keessatti haa fannisan.<br>• Barattoonni bakka bineeldonni keessatti nama miidhan irratti haa mari'atan (bakka bofti itti nama hiddu dabalatee). Kana booda gareen ta'anii akkaataa itti of eeguu danda'an postariin haa qopheessan.<br>• Barattoonni balaa lolaa fi ibiddii geessisan irratti haa mari'atan. Tokkoon tokkoon isaaniis akkaataa itti of eeguun danda'amu barreessanii haa dhiyeessan. |

**Madaallii**

Barsiisaan/tuun hojii tokkoon tokkoon boqonnaa kana keessatti raawwate walitti fufiinsaan madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun ibsa itti aanuun waliin madaalee barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa irra ga'uu isaa ni murteessa.

**Barattonni:** sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaatiif hojjatan:

- Barmaatilee miidhaa geessisan kanneen HIV/Eedsiif nama saaxilan ni ibsu.
- Maatii dhabuu fi daandiitti ba'uun dhiibbaa HIV/Eedsii irra dhufu ta'uu isaa ni ibsu.

- Hanqinni tajaajila hawaasummaa fi lafa qonnaa sababa saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummata Itoophiyaan kan dhufe ta'uu isaa ni himu.
- Ibsitoota bulchiinsa gaarii addaan ni baasu.
- Balaawwan naannoo isaaniitti ga'anii fi akkaataa ittiin of eeguu danda'anis addaan ni baafatu.
- Tooftaa ittiin balaa naannoo isaaniitti ga'an irraa of eeguu danda'an ni baru.

**Barattoonni:** sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi argannoon isaanii beekamtii argachuu qaba. Caalmaatti akka hojjataniif jajjabeeffamuu qabu malee isa duraan hojjatanitti quufanii of dagachuun irra hinjiru.

**Barattoonni:** sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa gaditti hojjatan kanneen biroo waliin akka deeman gochuuf gargaarsi addaa isaan barbaachisa.

Daree keessatti xiyyeeffannaa addaa kennuufii fi yeroo boqonnaa yookiin yeroo barnoota booda barnoota dabalataan kennuufiin gargaaruun barbaachisaadha.

Adeemsa madaallii keessatti barsiisaan/tuun xiyyeeffannaa addaa fi gargaarsa barbaachisaa ta'e barattoota fedhii addaaf kennuun irra jira.